

سُورَةُ الْكَهْفِ Suuraa Kahfii

*Dura dursoo suuran tun {suuratulkahfi }
je'amti ,

قبل كل شئ هذه هي سورة الكهف

*Isiin suuraa makkaati, aayatoota 83 hanga
101 malee hangi sun kan mad iina'aatii,

وهي سورة مكية الا الآيات من ٨٣ الى
١٠١ فهي مدنية

*Aayaanni isii dhibbaafii kudhan 110

وأياتها مائة وعشر ١١٠

*Lakkooyi isi'ii kudha saddeeti, 18

وعدها ثمانية عشر ١٨

*Isiin eega suuraa {ghaashiya'aatii} buute

نزلت بعد سورة الغاشية

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii ,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Faarun ta Rabbii gabricha isaa Muhamm-
adirratti kitaaba buuseti, kitaabni qur'aanaa,
1} *Kan wal dhabni keessan jirre, wal dhaba
jechaa tayuu, kan makgna'aa tayuu.

الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي أَنْزَلَ عَلَى عَبْدِهِ الْكِتَابَ

وَلَمْ يَجْعَلْ لَهُ عِوَجًا ۝١

*Qajeelaa amrii diinii dunya'aa namaaf
qajeelchu,

قِيمًا

*Wanni Rabbiin qur'aana kana buusef, akka
nabi Muhammad qur'aana kanaan, nama isa-
tti amanuu dide azaaba jaba'aan sodachis-
uufi, akka san sodaatanii itti amananiif

لِنُنذِرَ بَأْسًا شَدِيدًا

*Azaaba Rabbirraa isaanitti dhufu, takkaa
bu'u isaanii himee,

مِّنْ لَّدُنْهُ

*Akka warra isatti amane gammachiisufi ,

وَيُبَشِّرَ الْمُؤْمِنِينَ

*Kanneen waan gaarii dalagan gamma-
chiisuf,

الَّذِينَ يَعْمَلُونَ الصَّالِحَاتِ

2} *Jannata gaari'itu isaanif jira je'ee.

أَنَّ لَهُمْ أَجْرًا حَسَنًا ۝٢

3} *Kan zalaalamii jannata san keessa ta-
a'anii, je'anii waan fedhan hundaan qan-
ani'an.

مُكْتَبِينَ فِيهِ أَبَدًا ۝٣

4} *Ammallee akka warra Rabbiin ilmoo qa-
ba je'u azaaba jaba'aan sodaachisuufi, warri
akkana je'u kuffaara arabaa kan duriifii,

وَيُنذِرَ الَّذِينَ قَالُوا اتَّخَذَ اللَّهُ وَلَدًا ۝٤

yahuuda'aafii, orma kiristaanati.

*Warri Rabbiin ilmoo qaba je'u sun, wa an je'an san hin beekhan, akka Rabbiin ilmoo qabaatun waan aylii hin seenne taye, isaan hin beekhan, beekkomsa isaa hin qaban

*Abbootin isaanii tan isaan dura akkas jettes hin beytu waan beekkomsa isaa hin qabne je'an,

*Jechi afaan isaanitii bayu sun, waa bada'aa waa diliin jecha sanii guddo'oo,

5} *Rabbiin ilmoo qaba jechuun isaanii waan biraatii mitii, kijiba wasanaa baye.

*Orma kuffaaraa kan sirraa gara galee jetteeti, yaadan lubbuu tee ajjeeftaa, eega isaan gara galanii dabranii

6} *Yoo isaan qur'aana kanatti hin amanin

maalif amanuu oolan jetteeti rifattee yaadan if ajjeeftaa? ifin ajjeesin , wanni sirra jiru ergaa Rabbi isaanitu geessu'uu, yoo itti geessitee, amanuu didan hin yaaddawin, amanuun isaanii harka kee hin jirtuu, harka Rabbiiti jirtii, {aathaar} eega jechuu , {asafaa} dallantee yaaddee jechu.

*Nutu waan dachii tanarratti uumne waan isii bareechu goonee jirra, waan akka waan lubbuu qabuu, kan akka waan mayruu faa, kan akka ziqiyaa bishaanii faa

*Nama waan nuti dachi'iin bareechine laalun, mokkoru'uuf jecha,

7} *Nama isaanirraa dalagaa tolchu, kan waan sanin gowwoomuu dhabee, Rabbi isii uume dhagayee, dalagaa aakhira'aa tolchu laalu'uufi

*Waan dachi'irra jiru mara, ni goona,

*Biyyee. hurreessinee,

8} *Biyyee waa takka hin magarsine ,waan dachi'irraa baafne, kan isi'iin bareechine, kan namni hedduun isi'iin gowwoomee, karaa Rabbirraa bayu, san dhabamsiifneti dachi'itti deebifna

مَا لَهُمْ بِهِ مِنْ عِلْمٍ

وَلَا لِآبَائِهِمْ

كَبُرَتْ كَلِمَةً تَخْرُجُ مِنْ أَفْوَاهِهِمْ

إِنْ يَقُولُونَ إِلَّا كَذِبًا

فَلَعَلَّكَ بَدِخٌ نَفْسِكَ عَلَىٰ آثَرِهِمْ

إِنْ لَمْ يُؤْمِنُوا بِهِذَا الْحَدِيثِ أَسَفًا

إِنَّا جَعَلْنَا مَا عَلَى الْأَرْضِ زِينَةً لَهَا

لِنَبْلُوهُمْ

أَيُّهُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا

وَإِنَّا لَجَاعِلُونَ مَا عَلَيْهَا

صَعِيدًا

مُورًا

*Si ni seetee,

أَمَّ حَسِبْتَ

*Oduun warra goda seenee

أَنَّ أَصْحَابَ الْكَهْفِ

*Oduun warra lowhii katabamee, kan lowhii

وَالرَّقِيبِ

san keessatti maqaa isaanitiifii gosa isaanii katabanii, hulaa goda seenanii san gubba'atti maxxansan, lowhin sun lowhii dhaga'arraa takkaa rasaasarraa tolfame,

9)*Oduun isaanii mukgjizaa teenya tan irra

كَانُوا مِنْ آيَاتِنَا عَجَبًا ﴿٩﴾

guddo`ooti seetaa? hin seyin, qissaan isaanii mukgjiza'arraayi malee, tan irra guddo'ooti mitii, waan nuti uumne keessa, waan sanirraa nama dinguutu jiraa, Qissaan jara sanii akka warri tafsiiraa odeessetti, mooticha tokko kan kaafiraa-tu biyya ruum mandara {xursuus} je'amu keessa jiraatuu ture, eega nabi iisa'a-atii, namichi sun mukaa, dhagaa, tolcheeti namaan gabbaraa je'a, nama dubbii isaa dide ni ajjeesa, hanga warri Rabbitti amane rakkatee, akka tayu dhabetti, duuba mootichi sun dardaroota takkootu dubbii tee hin dhageenyee dhagayee yaamee, yoo muka ibaaddu baattan ni dhumtanii beekhaa je'een, hoggaa san Rabbiin keenya kan sami'ii dachii uumee abaduma isa dhiifnee waan biraa hin ibaannu je'aniin, jennaanin joollumma'aatu akkana isin godhaa hanga borutti isin dhiisee wal maryadha'aa qajeelaa je'een, duuba halkan keessa mootii san dheesyuu'uuf gandarraa bayan, duuba odoo yaa'unu, namni tokko kan waa tiysu kan saree qabu isaanin wajji dheyse, duuba hoggaa bariyu dhokatu'uu jecha, goda tokko seenan, ammoo mootichaafii ashkarri isaa kan isaan qaq-qabu'uuf faana dhawu, goda san seenu isaanii beekhanii haa tayuu itti seenuu sodaatan, hoggaa san mootichi goda kana itti cufaa haa beelafii dheebu'uun du'anii je'ee itti cufan, ammoo Rabbiin jara goda seene sanitti hirriiba darbee kan waa takka quban qabne, amata ,bara ,dhibba sadiyiifii sagal rafaan, eegasii Rabbiin isaan dammaysee, guyyaa tokko , takkaa cinaa guyya'aa, waan achi taa'an if seyan, duuba beelti itti dhagayammaan, nama tokko isaanirra magaalaa'atti erganii, su-uta akka namni sin garretti deemee nyaata gaarii nuu biti je'aniin, duuba hoggaa magaalaa, isaan irra bayan seenu, wanni arge magalaa akka isi'irraa jirjiiramte ,kan nam tokkollee, warra biyya sanirraa hin beyne, wanni ifiin je'e , mag-aalan teenya waa tanaa mitii kara'an bedee hayyee je'ee, nyaata bitee hoggaa maallaqa harkaa qabu abbaa nyaatatii kennu gara gaggalchee laalee, eessa argatte je'eenii, namni irratti wal gayee ajaa'iba godhanii, yaa namana ati eenyu? horii awwaalame argatte fakkaattaa jennaanin waaqanan isiniif khakhadhaa an waa horii awwaalame hin argannee, maallayn'i kun maallaquma saba kiyyaati je'een, jennaan inni maallaqa dur kan zamana mo-oticha {diqyaanoos} je'aniin, jennaanin {diqyaanoos} akkam taye je'een? qaata du'e je'aniin, jennaanin yaa jarana nam tokkolleen kan na dhugo'oomsu hin jiruu, nuti dardara heddu'uu

kan mootichi {diqyaanoos} je'amu sun Rabbitti kafaraa nuun jennaan, kalee galgala dheysinee goda seennee beeloynaan jaalalloonni kiyya deemii nyaata nuu biti je'anii na erganii yoo feetan na wajji yaa'aa isaanan isin agarsiisaa je'een, hoggaa san dubbii isaa ajaa'iba godhanii mooticha isaanitti geessan ,inni mu'mina gaari'ii oduu isaanii dhageenyaa ash-karaafii warra biyyaa fudhatee isaan argu'uuf baye , hanga goda san gayanitti, duuba warri godaa hoggaa faanaa fardaatifii wacii dhagayan ergaa mooticha isaanii {diqyaanoos} sayanii salaataatti ka'anii seenan, duuba mootichi mu'm-intichi itti seenee isaanii salaatu arge, hoggaa isaan salaatarraa raaw'atan ,isaan dhudhungatee akka nama Rabbiitti amane, kan Rabbiin nama du'e ni jiraachisaa dhugo'oomsu taye if himee {diqyaanoos} bara dhibba sadii dura du'ee itti odeessee, oduu isaanitis isaan-irraa dhagayee, wanni Rabbiin isaan kaasef akka Rabbiin nama qabri'ii kaas-u'urratti, ragaa, namaaf tayaniif jecha beekhe, duuba jarri godaa sun hirriibatti deebi'anii, Rabbiin ruuhii isaanii keessaa fuudhee, hoggaa san warri biyyaa masjida irratti haa jaarruu je'an. Rabbiin jara godaa sanirraa nuu odeessu'uuf jecha akki je'e;

*Gaafa dardaroonni tokko diinaa ifii eeggatu'uu jecha, dheysanii goda seenan dubadhu

*Duuba jarri sun; yaa Rabbi if biraa rahgmata nuu kenni ,

10* Amrii teenya qajeelchii ,nuu tolchi, warra qajeete nu godhi,orma kana jalaa nu baasi je'an .

*Duuba isaan raffifne, rahgmata isaani godhu'uu jecha,

11}*Goda san keessa bara hedduu raffifne.

*Eegasii dammeysine,

*Tuuta lamaanirraa tamtu,

12}*Hanga isaan goda san keessa taa'a nii

turan, irra hisaabee, mull'ifnuuf jecha, tuutti lamaan warruma goda seene sannarraayi,kan gariin isaanii guyyaa tokko teenye je'ee gariin cina guyya'aati je'e.

*Oduu warra godaa nuutu dhuga'aan sii odeessa,

*Isaan dardaroota Rabbi isaanitti amane,

13}*Kan iimaanarratti cimmuu isaanii idanee kennine.

إِذْ أَوَى الْفِتْيَةُ إِلَى الْكَهْفِ

فَقَالُوا رَبَّنَا إِنَّا مِن لَّدُنكَ رَحْمَةً

وَهِيَ لَنَا مِن أَمْرِنَا رَشَدًا ﴿١٠﴾

فَضَرَبْنَا عَلَى آذَانِهِم

فِي الْكَهْفِ سِنِينَ عَدَدًا ﴿١١﴾

ثُمَّ بَعَثْنَا

لِنَعْلَمَ أَيُّ الْحِزْبَيْنِ

أَخْصَى لِمَا لَبِثُوا أَمَدًا ﴿١٢﴾

نَحْنُ نَقُصُّ عَلَيْكَ نَبَأَهُم بِالْحَقِّ

إِنَّهُمْ فِتْيَةٌ ءَامَنُوا بِرَبِّهِمْ

وَزَدْنَاهُمْ هُدًى ﴿١٣﴾

*Niyyaa, yaada isaanii jabeessinee garaa hidhatanii, haqarratti goggoganii, sodaa malee , akka Rabbii ifitti amanan mul'isan

*Hoggaa ka'anii je'an fuula mootii isaanii kan mukaa sujuudu'utti isaan ajaje duratti,

*Rabbiin keenya rabbii dachi'ii samii uume ,

*Hin gabbaru,

*Waan isa hin tayin,

*Rabbi godhannee hin gabbaru,

14} *Yoo isaa achitti Rabbii isan tayin yammaanne ibaanne dhugumaan kufrii keessa wasanaa baanee, haqarraa fagaannee.

*Jarri kun ummata keenya kan ati jallifte ,yaa mootichana,

*Rabbii achitti waan harka isaanitiin tolchan Rabbi godhatanii gabbaran ,

*Waan san ibaadu'urratti ragaa mul'ataa, maa hin finne ? haa tayuu eessaa fidan, kijiba Rabbirra kaayan malee, rabbiin shariika, yookaa ilma qaba je'anii,

15} *Eenyu namni nama kijiba Rabbirra kaayerra cubbuu dalagu? kan isarra dilii dalagu, hin jiru jechu', dardarri sun, wanni waliin je'an, eega mooticha duratti akkas je'anii

*Eega ummata keessaniifii, waan isaan Rabbii achitti gabbaran biraa yaatan,

*Goda gaaraa seenaa,

*Rabbiin keessan rahgmata isaati isinii ball'isaa,

*Karaa rizqii teessanii isiniif laaffisaa,

16} *Waan ganamaa galgala nyaattan, goda san keessatti isinii kennaa.

*Odo achi jiraatee, goda isaan seenan gartee, wanni ati gartu, aduu hoggaa baatu ,

وَرَبَطْنَا عَلَىٰ قُلُوبِهِمْ

إِذْ قَامُوا فَقَالُوا

رَبَّنَا رَبُّ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

لَنْ نَدْعُوهُ

مِنْ دُونِهِ

إِلَهًا

لَقَدْ قُلْنَا إِذًا شَطَطًا ﴿١٤﴾

هَؤُلَاءِ قَوْمُنَا

أَتَّخَذُوا مِنْ دُونِهِ ءَالِهَةً

لَوْلَا يَأْتُونَ عَلَيْهِم بِسُلْطَانٍ بَيِّنٍ

فَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا ﴿١٥﴾

وَإِذْ اعْتَرَلْتُمُوهُمْ وَمَا يُعْبُدُونَ إِلَّا اللَّهَ

فَأَوْوِا إِلَى الْكَهْفِ

يَنشُرْ لَكُمْ رَبُّكُمْ مِنْ رَحْمَتِهِ

وَيَهَيِّئْ لَكُمْ مِنْ أَمْرِكُمْ

مَرْفَقًا ﴿١٦﴾

❖ وَتَرَى الشَّمْسَ إِذَا طَلَعَتْ

*Goda isaanii sanirraa, gara mirgaa gortu,

تَزَوَّرُ عَنْ كَهْفِهِمْ ذَاتَ الْيَمِينِ

*Ammoo aduun hoggaa seentu irra dabarti isaan dhiiftee,

وَإِذَا غَرَبَت تَّقَرَّبُ خَمِيمًا

*Gama bita'atti, aduun akka tokkottillee isaan hin tuyxu, akka isaan hin miinef,

ذَاتَ الشِّمَالِ

*Isaan goda san keessa, bakka bal'oo jiranii, ammallee goda wal'akka jiranii aduun hin seentu, ammoo qilleensa ni argatan

وَهُمْ فِي فَجْوَةٍ مِنْهُ

*Wanni dubbanne sun ,

ذَلِكَ

*Ragaa dandaytii rabbiiti,

مِنْ آيَاتِ اللَّهِ

*Namni Rabbiin, azalitti qajeeluu isaa fedhe

مَنْ يَهْدِ اللَّهُ

*Isumaatu qajeela,

فَهُوَ الْمُهْتَدِ

*Namni Rabbiin jallina isaa fedhe,

وَمَنْ يَضِلَّ

17} *Nama isa gargaaree, isa qajeelchu, isaaf hin agartu.

فَلَنْ يَجِدَ لَهُ وَلِيًّا مُرْشِدًا ﴿١٧﴾

*Odo ati warra godaa san, goda isaanii keessatti gartee, naman rafne kan dammaqee ciisu seeta, waan ijji isaanii babbanaa taatef

وَتَحْسَبُهُمْ آيَاتِنَا ظُحًا

*Isaan cicciisaniiti rafaan,

وَهُمْ رُفُودٌ

*Cinaa mirgaatifii, cinaa bita'atti isaan gara gaggalchina, akka biyyeen foon isaanii hin nyaannef,

وَنَقَلِبُهُمْ ذَاتَ الْيَمِينِ وَذَاتَ الشِّمَالِ

*Sarichi isaanii, harka isaa lamaan afeeti ciisa,

وَكَبَّهُمْ بِسِطِّ ذُرَاعِيهِ

*Dirree goda sanii keessa, hoggaa isaan gara galan akkuma isaanitti gara gala,

بِالْوَصِيدِ

*Odo jara san, isaanii akkasitti rafu gartee, jara rafu kan ijji isaanii bana'aa kan gara gaggalan kan hin kaane odoo Rabbi si garsiisee

لَوْ أَطَّلَعْتَ عَلَيْهِمْ

*Silaa irraa gara galteeti dheysita,

لَوْلَيْتَ مِنْهُمْ فِرَارًا

18} *Silaa sodaan isaanii qalbii si guutti, tanaaf jecha, nam tokkolleen goda san isaanitti seenuu hin dandeenye.

وَلَمَلَيْتَ مِنْهُمْ رُعبًا ﴿١٨﴾

*Akkuma zamana dheeraa raffifne, nyaataa dhugaati'in male'etti, dandeytii teenyan,
*Hirriibaa kaafne,

وَكَذَلِكَ

بَعَثْنَاهُمْ

*Akka haala isaanitiifii, hanga goda san keessa taa'anirraa wal gaafataniif,

لِيَتَسَاءَلُوا بَيْنَهُمْ

*Namni tokko isaanirraa akki je'ee, jara kaan gaafate

قَالَ قَائِلٌ مِنْهُمْ

*Hangam goda kana keessa teessan,

كَم لَيْتُنْمُ

*Guyyaa tokko, takkaa cinaa guyya'aati je-

قَالُوا لَيْتَنَا يَوْمًا أَوْ بَعْضَ يَوْمٍ

'an maalif isaan hoggaa aduun baatu goda san seenaniiti, hoggaa isiin seentu ka'anii, aduun seentu sun, tanuma guyyaa seenanii san seyaniiti, guyyaa tokko teenye je'an, inumaa aduun seenuu shakkaniiti cinaa guyya'aati je'an,

*Ammoo gariin isaanii akki je'an;

قَالُوا

*Rabbii keessantu hanga as teessan beekhaa, waan kanarra, jaba'aa haasawa', beelatu nutti jiraa,

رَبِّكُمْ أَعْلَمُ بِمَا لَيْتُنْمُ

*Tanaaf jecha nam tokko isinirraa maallaqa meetaa khanaan magaalatti nuu ergaa ,

فَأَبَعَثُوا أَحَدَكُمْ بِوَرِقِكُمْ هُنَا إِلَى الْمَدِينَةِ

*Nyaata ganda sanii, kan irra halaalii , kan muka fa'aa qalamee mitii,

فَلْيَنْظُرْ أَيُّهَا أَزْكَى طَعَامًا

*Duuba nyaata halaal sanirraa, waa bitee haa isinii dhufuunii,

فَلْيَأْتِكُمْ بِرِزْقٍ مِنْهُ

*Akka hin beekkamnetti hoggaa magaalaa seenufii, hoggaa waa bitullee, haa deemu,

وَلْيَتَلَطَّفْ

19} *Waan nam tokkolleen isin beekhu'utti geessu, hin dalagin, hin je'in.

وَلَا يُشْعِرَنَّ بِكُمْ أَحَدًا ﴿١٩﴾

*Warri magaalaa sanii,

إِنَّهُمْ

*Yoo isin arganii, harka isin seensifatan,

إِنْ يَطْهَرُوا عَلَيْكُمْ

*Dhaga'aan tumanii isin ajjeessanii,

يَرْجُمُوكُمْ

*Takkaa diinaa isaanitti isin deebisanii,

أَوْ يُعِيدُوكُمْ فِي مِلَّتِهِمْ

20} *Duuba yoo karaa isaanitti deebitan, abaduma hin milkooytanii.

وَلَنْ تَفْلِحُوا إِذَا أَبَدًا ﴿٢٠﴾

*Akkuma hirriibaa isaan kaafne san,

وَكَذَلِكَ

*Nama isaan agarsiifne, akka dubbii isaanii

أَعْرَضْنَا عَلَيْهِمْ

tanaan qiyaaman ni dhuftii bee khanii hubatan, Rabbiin warra godaa bara dhibba sadii raffisee, eegasii khaasuu dandaye, warra du'es, eegasii kaasuu ni dandayaa beekhanii, hirriibni obboleessa du'aatii, tanaaf Rabbiin oduu isaanii nuu odeesse, akkuma ummata isaanii isaan agarsiise,

*Akka ummanni isaanii sun, baallamni Rab-

لِيَعْلَمُوا أَنَّكَ وَعَدَّ اللَّهُ حَقًّا

bii kan nama du'e nan kaasa je'ee seene, haqa taye, takkaa dhugaa taye, hubataniif, rabbiin inni jara san, nyaataa dhugaatii malee, hangas teessisee kaase, nama du'es, akkasumaa, beekkanii ,

*Kanumaan, qiyaaman, dhaabbatuun waan shakkiin qabnee beekhanii, akka amanann godhu'uuf, isaan kaase.

وَأَنَّ السَّاعَةَ لَأَرْيَبَ فِيهَا

*Gaafa Rabbiin warra godaa san kaasee

إِذْ يَنْتَظِرُونَ بَيْنَهُمْ أَمْرَهُمْ

namni isaan argee, eegasii hirriiba, takkaa ciisatti deebi'anii, Rabbiin lubbuu isaanii fuudhee raffise warri mu'minaa, kan gaafa san jiruufii, ormi kaafiraa, dubbii jara godaa, kan dhume, keessatti, wal dhaban ,

*Duuba ormi kaafiraa jarri kun , diinaa keenyarratti dhumani maqaama akka diinaa keenyati irratti jaarra je'e kan warri islaamaa lakkii , isaan mu'mintootaa nuutu irratti jararata je'an

فَقَالُوا أَبْنَاءُ اللَّهِ خَيْرٌ مِنْنَا

*Rabbiin isaanii haala warra dhume takkaa haala warra isaanirratti wal didee ni beekhaa

رَبُّهُمْ أَعْلَمُ بِهِمْ

*Warri dubbii warra godaa san, harkaa qabu , isaan orma mu'minaa, kanneen zaman, mooticha mu'mina kan { beedroos } je'amu jiruu

قَالَ الَّذِينَ عَلَبُوا عَلَىٰ آمْرِهِمْ

21} *Masjida irratti jaarra je'anii khakhatan. duuba ka'aniiti, hulaa goda sanirratti masjida jaaran .

لَتَتَّخِذَنَّ عَلَيْهِمْ مَسْجِدًا ﴿٢١﴾

*Ormi kuffaaraa, kan zamana nabi Muhammad jiru, gariin isaanii akki je'u, warri godaa sun, nama sadiyii afreessan isaanii sareedha .

سَيَقُولُونَ ثَلَاثَةٌ رَابِعُهُمْ كَلْبُهُمْ

*Gariin isaanii, jarri godaa sun, nam shanii jaheessan isaanii sare'e je'a warri yaada laamaan kana qabu, nasaara biyya najraani .

وَيَقُولُونَ خَمْسَةٌ سَادِسُهُمْ كَلْبُهُمْ

*Seyiinsan akkas je'an, kan hubantiin qabne

رَحْمًا بِالْغَيْبِ

*Warri islaamaa kan nabi Muhammadirraa dhagaye ni je'en,

وَيَقُولُونَ

*Warri godaa sun, nam torba saddeeteysaan isaanii saree isaaniti je'an,

سَبْعَةٌ وَتَأْتِيهِمْ كُتُوبٌ

*Lakkoysa warra godaa Rabbumaatu beekhaa, isaatu abbaa fedhe barsiisa,

قُلْ رَبِّيَ أَعْلَمُ بِعِبَادَتِهِمْ

*Nama xiqqaa malee namni lakkoysa isaanii beekhu hin jiru, namni xiqqaan sun warra nabirraa baree, isaan nama torbaa saddeeteysaan isaanii saree, Rabbiitu nuu himee

مَا يَعْلَمُهُمْ إِلَّا قَلِيلٌ

*Warra yahuuda'aatifii nasaara'aatin wajji hin falamin, moromaa hin godhin dubbii warra godaa keessatti,

فَلَا تَمَارِ فِيهِمْ

*Yoo moromaan sun moromaa mul'attuu

إِلَّا مَرَّةً ظَهَرَ

taate malee, yoo moromaan sun waan ragaa nuti sii buufne qabu keessatti taate malee, isaanin wajji falamaa hin heddomeysin, yaada isaanii jala deemtee hin qoqqotin, isaan warra beekkomsa xiqqaatuu,

22} *Dubbii warra godaa san keessatti nam

وَلَا تَسْتَفْتِ فِيهِمْ مِنْهُمْ أَحَدًا ﴿٢٢﴾

tokko, yahuuda'aafii nasaara'arraa hin gaafatin, wanni nuti sii kenninee si geessii, warri makkaa nabi Muhammad warra godarraa gaafannaan, borun isinii odeessa je'een, kan yoo Rabbi je'e hin je'in, hoggaa san qur'aanni hanga guyyaa kudha shanii bu'uudharraa booda aane, duuba Rabbiin aayata as de- emtu buusee nabi Muhammadiifii ummata isaatin akki je'e.

23} *Waan kanan takkaa waan akkasiitan boru dalagaa, takkaa waan akkanaatan dalagu'uu taa'a hin je'in.

وَلَا تَقُولَنَّ لِشَيْءٍ إِنِّي فَاعِلٌ ذَٰلِكَ غَدًا ﴿٢٣﴾

*Yoo fedhii Rabbi itti idaate malee, yoo Rabbiin je'e takkaa fedhe jettee,

إِلَّا أَنْ يَشَاءَ اللَّهُ

*Ammoo yoo Rabbi je'e jechaa, yoo irraan-

وَأَذْكُرْ رَبَّكَ إِذَا نَسِيتَ

fatte hogguma yaadatte, yoo Rabbi je'e ji'i, yoo waan kanan dalaga jettee, yoo Rabbi je'e jechaa irraanfatee eegasii yaadatee yoo Rabbi je'e jette, akkuma waan duraan jetteeti,

*Warra makkaa, kanneen warra godarraa si gaafate akka ati nabiiyyii taate si laalu'uu jecha akki jettuun,

وَقُلْ

24} *Rabbiin kiyya waan dubbii warra godarra dhiyo'otti tan isi'irra ajaa'iba naa kenna na qajeelcha je'iin Rabbiin waan sanirraa

عَسَىٰ أَنْ يَهْدِيَنِي رَبِّي لِأَقْرَبَ مِنْ هَٰذَا رَشْدًا ﴿٢٤﴾

ajaa'ibaa kenneefii jira, halkan israa'aatifii mikgraajaa, waan ajaa'ibaa tan likkiin qabne garsiisee.

*Warri godaa sun, godaa san keessa bara dhibba sadii taa'an akka aduudhatti yoo laalle,

25} *Ammallee bara sagal ida'atan, yoo ji'aan laalle, yookaa akka baatin dhalattee dhumtuun laalle.

*Rabbiitu hanga isaan goda san keessa taa'an beekha, nama biraatii mitii ji'iin isaatu hanga isaan taa'an nuu hime,

*Beekkomsii dachi'ii sami'ii, ammallee waan isaan lamaan keessa jiruu kan Rabbiiti ji'iin, *Maalumaatu, Rabbi akkatti waa agarsiise? akkana jechuun, Rabbiin kan waa hunda argu, kan waa takka isarraa hin dhokhanne jechu'u,

*Ammallee maalumaatu, akkatti isa dhageessise ,akkana jechuun, Rabbiin kan akkaan waa dhagayu kan waa takka isarra hin dhokhanne jechu'u,

*Waan uumame hundaaf, Rabbi malee nama isaan gargaaru, kan isaan fayyadu, kan waan isaan itti haajaman hunda isaanif uume hin jiru,

26} *Rabbiin waan firdii godhu keessatti, waan argamsiisufii, waan dhabamsiisu keessatti, nam tokkole'e en hin gargaarsifatu, inni dureessa waa takkatti hin haajamne, kan fakkaataa hin qabne.

*Waan sirratti buufame qara'i, dubbisi,

*Kitaaba Rabbii keetii qur'aanaa,

*Namni jecha qur'aanaa jirjiiruu dandayu hin jiruu, yoon kuffaararratti qara'e ni jirjiirani hin sodaatinii irratti qara'i, haa baranii, **27}** *Rabbii achitti nama itti irkattu, hin qabdu, waa hundi harkaa isaati jirtii.

وَلِشُوا فِي كَهْفِهِمْ ثَلَاثَ مِائَةٍ سِنِينَ

وَأَزْدَادُوا تِسْعًا ﴿٢٥﴾

قُلِ اللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا لِيَتُوا

لَهُ غَيْبُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

أَبْصَرَ بِهِ

وَأَسْمَعُ

مَا لَهُمْ مِنْ دُونِهِ مِنْ وَلِيٍّ

وَلَا يُشْرِكُ فِي حُكْمِهِ أَحَدًا ﴿٢٦﴾

وَأَتْلُ مَا أُوْحِيَ إِلَيْكَ

مِنْ كِتَابِ رَبِّكَ

لَا مُبَدِّلَ لِكَلِمَاتِهِ

وَلَنْ يَجِدَ مِنْ دُونِهِ مُلْتَحَدًا ﴿٢٧﴾

*Lubbuu tee qabii, hidhii teessisi,

وَأَصْبِرْ نَفْسَكَ

*Warra Rabbii isaanii ganamaafii galgala yaammatuun wajji, warra Rabbii isaanii hogguma takka hin daganne,

مَعَ الَّذِينَ يَدْعُونَ رَبَّهُمْ بِالْفَدْوَةِ وَالْعَشِيِّ

*Kanneen ibaadaa isaanitiin , fuula Rabbii, jaalala isaa argatuu fedhan, kan waan biraa ,haajaa adunya'arraa, argatuu hin barbaanne odoo warra horii hin qabne tayanuu,

يُرِيدُونَ وَجْهَهُ

*Jara kanarraa ija tee lamaan, achin qabatin irraan fagaatin,

وَلَا تَعْدُ عَيْنَاكَ عَنْهُمْ

*Boona addunya'aa faaya isi`ii barbaadaf

تُرِيدُ زِينَةَ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

hiyyeeyii {masaakiina} dhiiftee,dureeeyyii wajji taa'uu barbaadu'uuf ,warra gara Rabbii cite jala goru'uuf, gorsa kanaan Rabbiin nabi Muhammad dubbise malee , namni dubbii deemtuf ummata isaati, maalif nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu faaya dunya'aa maraxatu'urraa Rabbiin tiysee jiraa,

*Yaa ergamaa kiyya muhammad nama zikrii teenyarraa, ibaadaa teenyarraa, qalbii isaa dagachiifnee addunya'atti gara galchine , dubbii isaa hin dhagayin ,

وَلَا تَطْعَمَنْ أَغْفَلْنَا قَلْبَهُ عَنْ ذِكْرِنَا

*Nama jaalala nabsee isaa jala deemu,

وَاتَّبَعْهُ هَوَاهُ

28} *Kan dubbii isaatifii dalagaan isalleen

وَكَانَ أَمْرُهُ فُرُطًا ﴿٢٨﴾

akka hin qabne. namni haalli isaa akkanaa kun, nama tokko kan {kguyaynaa} je'amu, isaatu nabi Muhammadiin nuti nama jajjabaa dureeeyyii queryshi'iitii, yoo nuti islaamoyne, namni hundi ni islaamayaa, orma hiyyeeyyii bifan tolle, kanneen fuulee hin tolle if biraa oofi, wajjin taa'inii nu wajji taa'I ,takkaa guyyaa tokko nuuf khophaa godhii, isaanifis khophaa godhi je'e, hoggaa san Rabbiin aayata buusee, nama kanaafii nama akka isaa hin dhagayin je'eenii ammas akki je'een.

*Akki jara saniin jettu; hayn'i, qur'aanni , Rabbii keessanirraayi dhufe, sun waan shakkiin qabne,

وَقُلِ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكُمْ

*Namni fedhe haa amanuu, hayni mul'ateefii

فَمَنْ شَاءَ فَلْيُؤْمِنْ

*Namni fedhe haa kafaruu yoo azaabatti

وَمَنْ شَاءَ فَلْيُكْفُرْ

gubatuu fedhe, dubbiiin tun, kufri'iifii islaama, kan fedhan nama filachiisu'uuffii mitii, nama islaama dhiisee kufrii marxate sodachisu'uufi, tanaaf azaaba kaa-firaatifii sawaaba mu'minaa as booda dubbate,

*Nuti kuffaaraf ibidda qopheessinee jirra,

إِنَّا أَعْتَدْنَا لِلظَّالِمِينَ نَارًا

*Kan dalloyni, yookaa jogulli ibiddaa isaanitti marse, kan karaan duraa dhoysaniin hin jirre,

أَحَاطَ بِهِمْ سُرَادِقُهَا

*Yoo ibiddi itti jabeessee, bishaanin nu dhaqqabaa je'anii iyyatan ,bishaan ow'aa , furdaa ajaaya'aan itti dirmatan,

وَأِنْ يَسْتَعْجِلُوا يَغَاثُوا بِمَاءٍ كَأَمْهَلِ

*Kan hoggaa isaaniti dhiyaate, oow'i isaa fuula isaanii gubu,

يَشْوَى الْوُجُوهُ

*Bishaan sun waa dhugaatii baddu'uu,

بِسُكِّ الشَّرَابِ

29} *Ibiddi sun, waa bakka teessumaa hamtu'uu.

وَسَاءَتْ مَرْتَفَقًا ﴿٢٩﴾

*Warri Rabbitti amanee, waan gaarii dalage,

إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

30} *Sawaaba Takkaa galata isaanii kennina, nuti galata nama dalagaa tolchee xiqqaatuu, guddattuu hin balleessinuu.

إِنَّا لَا نُضِيعُ أَجْرَ مَنْ أَحْسَنَ عَمَلًا ﴿٣٠﴾

*Jara saniif, jannata teessumaatu qophaaye

أُولَئِكَ لَهُمْ جَنَّاتُ عَدْنٍ

*Jannata masnoo isi'ii jala lagootin olii gadyaatu,

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهِمُ الْأَنْهَارُ

*Jannata san keessatti, girja uffatan, ni fayataniin

يُحَلَوْنَ فِيهَا مِنْ أَسَاوِرَ

*Girja ziqiyarraa tolfame,

مِنْ ذَهَبٍ

*Ammallee huccuu hariira qal'aadhaa magarruu uffatan ,

وَيَلْبَسُونَ ثِيَابًا خُضْرًا مِنْ سُنْدُسٍ

*Ammallee huccuu hariira furda'aati uffatan,

وَإِسْتَبْرَقٍ

*Jannata keessa siree girdoo qabdurra cicciqilfatanii, taa'an,

مُتَّكِئِينَ فِيهَا عَلَى الْأَرَائِكِ

*Galanni Rabbii waa tolee, sun jannataa

نِعْمَ الثَّوَابُ

31} *Isiin bakka gaarii itti qanani'anii.

وَحَسَنَتٌ مَرْتَفَقًا ﴿٣١﴾

*Kuffaara makkaa kanneen mu`mina hiyy-

❖ وَأَضْرَبَ لَهُمْ مَثَلًا رَجُلَيْنِ

eeyyii if biraa ari'i siin je'uuf, nama dhiiraa lama fakkeessaa godhi, dhiirti laamaan sun obboleeyyanii warra durirraayi, isaan horii guddaa abbaa isaaniirraa dhaalan, isaanirraa tokko kaafiraa, tokko mu'mina, kaafirtichi horii dha-

ale saniin masnoo lama bitate, mu'mintichi horii dhaale san hunda Rabbii je'eeti kennee fixe, duuba kaafirtichi hiyyuma'aan mu'minticha arrabse, hoggaa san Rabbiin masnoo kaafirtichaa duraa balleesse, tanaaf Rabbiin akki je'e,

*Tokko isaanitiif masnoo lama goonee inni masnoo lama argate, kaafirtichaa, kan horii dhaalen bitate,

*Masnoo inabaa,

*Masnoo inabaa lamaan muka tiniraati itti naannessine,

32} *Masnoo lamaan jidduu, ooyruu mi-dhaanii goone.

*Masnoo lachuu, akka gaari'itti midhaan dhalte {ukula} jechuun; firii jechu'uu,

*Waa takka duraan ir'ifnee,

33} Masnoo san keessa laga olii gad yaafne.

*Masnoo saniin wajji horii biraa guddaa qaba, horii heddu'uun {thamar} ni ji'anii,

*Duuba kaafirtichi mu'mintichaan akki je'e ;

*Isaa itti dhaaddatu,

*Anaatu sirra horii hedduu qaba,

34} *Anaatu sirra nama heddommaata.

*Duuba mu'minticha harka qabee, masnoo isaatin seenee,

*Isaa Rabbitti kafaree if miidhe, masnoo keessan deemee, mukaafii midhaanifii laga isii keessa yaa'u garsiisee,

35} *Wanni kaafirtichi je'e masnoon tun abaduma ni dhabamtii hin yaadu.

*Qiyaaman waan dhaabbattu hin seyu,

*Yoommoo qiyaaman dhaabbattee gara Rabbii kiyaa deeffame, akka ati yaaddutti

36} *Bakkan dhaqu sanitti, waan horii amma qaburra caalun argadha je'een.

جَعَلْنَا لِأَحَدِهِمَا جَنَّتَيْنِ

مِنْ أَعْنَابٍ

وَحَفَفْنَاهُمَا بِنَخْلٍ

وَجَعَلْنَا بَيْنَهُمَا زُرْعًا ﴿٣٢﴾

كِلْتَا الْجَنَّتَيْنِ آتَتْ أُكُوهَا

وَلَمْ تَظَلِمْ مِنْهُ شَيْئًا

وَفَجَّرْنَا خِلْفَهُمَا نَهْرًا ﴿٣٣﴾ وَكَانَ

لَهُ نَمْرٌ

فَقَالَ لِصَاحِبِهِ

وَهُوَ يُحَاوِرُهُ

أَنَا أَكْثَرُ مِنْكَ مَا لَا

وَأَعَزُّ نَفْرًا ﴿٣٤﴾

وَدَخَلَ جَنَّتَهُ

وَهُوَ ظَالِمٌ لِنَفْسِهِ

قَالَ مَا أَظُنُّ أَنْ تَبِيدَ هَذِهِ أَبَدًا ﴿٣٥﴾

وَمَا أَظُنُّ السَّاعَةَ قَائِمَةً

وَلَيْنُزِدْتُ إِلَى رَبِّي

لَأَجِدَنَّ خَيْرًا مِنْهَا مُنْقَلَبًا ﴿٣٦﴾

*Duuba jaalli isaa kan mu'minaa akki je'e-en isaa itti haasawu,

قَالَ لَهُ صَاحِبُهُ وَهُوَ يُحَاوِرُهُ

*Si Rabbii biyye'erraa si uume, abbaa kee aadam biyye'erraa uumu'uun,

أَكْفَرْتَ بِالَّذِي خَلَقَكَ مِنْ تُرَابٍ

*Kan eegasii bishaan dhiiraa dhala'arraa si uume,

ثُمَّ مِنْ نُطْفَةٍ

37} *Kan eegasii si guutee, dhiira si godhe, sanitti kafartee, qiyaaman hin dhaabbattu jettaa?.

ثُمَّ سَوَّكَ رَجُلًا ﴿٣٧﴾

*Haa tayuu an waanin je'u: inni Rabbii kiyyyaa,

لَنَكُنَّا هُوَ اللَّهُ رَبِّي

38} *An Rabbii kiyiyatti nam tokko hin qix-xeessu, ittin kafaru, qiyaaman hin dhuftu je'ee akka ati qiyaaman hin dhaabbattu jettee kafartetti.

وَلَا أَشْرِكُ بِرَبِّي أَحَدًا ﴿٣٨﴾

*Hoggaa jannata kee seentee gammadde san, maalif wanni Rabbiin fedhe ni taati , yoo Rabbiin nama qunnamsiise malee waa

وَلَوْلَا إِذْ دَخَلْتَ جَنَّتِكَ قُلْتَ مَا شَاءَ اللَّهُ لَا قُوَّةَ

إِلَّا بِاللَّهِ

takka tayuun hin dandayamu maa hin ji'in? maa Rabbiif galata hin galchin je'een, nabi Muhammad akki je'an: namni Rabbiin warra , horii , ilmoo, kenn-eefii duuba hoggaa qalbiin isaa irraa gammadde {maa shaa'allaahu laa hgawla walaa quwwata illaa billaaahi} { ما شاء الله لا حول ولا قوة الا بالله } je'e waan isa jibb-isiisu, waan san keessatti hin argu, duuba kaafirtichi sun niki gmaa Rabbiitin dhaaddatu malee, akkas hin jenne, Rabbitti kafaru'uun wajji, ammas obboleessi isaa kan mu'minaa akki je'een ;

39} *Yoo an hiyyeessa, hori'iifii ilmaanin sii gadii tayuu na garte.

إِنْ تَرَنْ أَنَا أَقَلَّ مِنْكَ مَالًا وَوَلَدًا ﴿٣٩﴾

*Rabbiin kiyya waan masnoo teetirra caalu naa kennu'un khajeela, waanin itti amanee isatti irkadheef jecha, masnoo tee balleessee, waan ati itti kafarteef jecha ,

فَعَسَى رَبِّي أَن يُؤْتِيَنِي خَيْرًا مِنْ جَنَّتِكَ

*Masnoo sanitti balaa sami'ii buusee,

وَيُرْسِلَ عَلَيْهَا حُسْبَانًا مِنَ السَّمَاءِ

40} *Hanga dachii, takkaa biyyee mucuca-attu ta waa takka irran jirre taatutti .

فَنُصِصَ صَعِيدًا زَلَقًا ﴿٤٠﴾

*Takkaa bishaan isi'ii, dachii seenee dha-bamutti ,

أَوْ يُصِصَ مَاءً وَهَاجِرًا

41} *Duuba bishaan san barbaaduu hin dan-deessu, deeffatuu dandayuu dhiisii je'een, haasoyni jara lamaanii asitti dhume.

فَلَنْ نَسْتَطِيعَ لَهُ طَلَبًا ﴿٤١﴾

*Duuba akkuma obboleessi isaa isa soda-chisetti Rabbiin balaa itti buusee horiin isa-atifii, masno'oofii, ooyrun kaafirtichaa mat-umaanuu baddee dhabamte,

وَأُحِيطَ بِثَمَرِهِ

*Duuba kaafirtichi hoggaa argu ,rifannoota keessa horii masnoo sanitti baasef sheenayuu jecha, harka isaa lamaan gara gaggalchee waliin dhawe,

فَأَصْبَحَ يَقْلِبُ كَفَيْهِ عَلَى مَا أَفْهَقَ فِيهَا

*Masno'oo muka irkisaniinirra jijjiyyide

وَهِيَ خَاوِيَةٌ عَلَى عُرُوشِهَا

42} *Sheenaa keessa, wanni inni je'u, oduman Rabbii kiyyatti kafaruu baadhee je'ee, hawwee, waytii sheenan hin fayyanne sheenayee, qulla hafe.

وَيَقُولُ يَا لَيْتَنِي لَمْ أُشْرِكْ بِرَبِّي أَحَدًا ﴿٤٢﴾

*Kan jamaa'aa, yookaa tuuta Rabbii achitti isaaf dirmattu hin qabne, kan warra azaaba Rabbii isarraa deebisu hin arganne, hoggaa isiin duraa badde san,

وَلَمْ تَكُنْ لَهُ فِئَةٌ بِنَصْرُوهُ مِنْ دُونِ اللَّهِ

43} *Ifiifis warra humna ifiitin azaaba Rabbii ifirraa deebisuu dandayu hin taane.

وَمَا كَانَ مُنْصَرًّا ﴿٤٣﴾

*Gaafa azaabni bu'e aanan nama hundaa kan

هُنَالِكَ الْوَلَايَةُ لِلَّهِ الْحَقِّ

namni hundi aanaa godhatu, Rabbii haqaa tokkicha, gaafa rakkoon dhufte namuu isumaaf gad je'a, kaafira tayuu, mu'mina tayuu, addunya'arratti tayuu, aakhira'atti tayuu, qaraatiin gariin { هُنَالِكَ الْوَلَايَةُ } {waaw} laasto'ooni, makgnaan isi'ii gaafa azaabni bu'e, gaafa qiyaaman dhaabbatte, humna Rabbii haqaa malee, humniti biraa hin jirtu jechu',

*Sawaaba Rabbiititu ,sawaaba nama biraa hundarraa caala,

هُوَ خَيْرٌ ثَوَابًا

44} *Waan Rabbii je'anii dalaganiitu bood-dee irra nama caala, waan nama biraatif dalaganirraa .

وَخَيْرٌ عُقْبًا ﴿٤٤﴾

*Ummata keetif fakkeessaa addunya'aa dubbadhu, akka waan addunyaan taate baranii, isi'iin gowwoomuu dhiisaniif, isi'iin namatti dhaaddatuu dhiisaniif,

وَأَضْرَبَ لَهُمْ مَثَلًا الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Addunyaan tun wanni fakkaattu akka ro-
oba sami'ii buufnee,

*Lafti mayra magarsitee, mayri walitti tuu-
ttayee, wal keessa seenee, bareedee,

*Duuba eeguma sanii, goggogee caccaphee
,hoshoshumaaye,

*Kan qilleensi fuudhee olii gadiin deemu ta-
ye. haalli dunya'aa akkanaa, isi'iin hin daga-
minaa isiin waan hafaatii mitii,

45} *Rabbiin kan waan fedhe dhabamsiisee,
eegasii jiraachisuu dandayu ,kan waa takka
isan dadhabsiifne

*Hori'iifii ilmaan,faaya addunyaa dhumtuu
tanaati, isaanis akkuma addunyaan dhumt-
utti dhabaman, namni ayliin qabne, nama
isaanin dagamu,

*Waan gaarii namaa hafuutu wanni gaarin

salaata shananii, takkaa dalaguma gaarii hundaa, takkaa {subhgaanallaahi, wal-
hgamdu lillaahi wa laa ilaaha illallaahu, wallaahu akbar, wa laa hgawla walaa
quwwata illaa billaah} ammallee {astaghfirullaah} ammas {sallallaahu wa sal-
lama kgalaa rasuulillaah} jechu'uu,

*Sawaaba isi'iititu Rabbii kee biratti addu-

nyaa tanaaf bololu'urra caala, waan faaydan isi'ii aakhira'atti namaa dhufuu,
dalagu'uutu, waan faaydan isi'ii namaan hafneef dalagu'urra caala warra aylii
qabu biratti,

46} *Wanni faaydan isi'ii zalaalamii namaa
haftu, irra caalaa waan namni dalagu'uu ha-
miluuti.

*Gaafa gaarotii buqifnee deemsifnu, kan hu-
rrooytee, dachi'iin wal qixxaattu dubbadhu,

*Gaafas dachii, tan dirree baatee mul'attu
garta, kan gaarifii jaarmayni isii dhoysu irran
jirre,

*Kan warra duraatifii, warra boodaa walitti
qabne,

47} *Kan nam tokko isaanirraa hin dhiisin.

*Duuba Rabbii keetirra fidaman,salfii self-

كَمَا أَنْزَلْنَاهُ مِنَ السَّمَاءِ

فَأَخْلَطَ بِهِ نَبَاتُ الْأَرْضِ

فَأَصْبَحَ هَشِيمًا

تَذَرُوهُ الرِّيحُ

وَكَانَ اللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ مُّقَدِّرًا ﴿٤٥﴾

الْمَالِ وَالْبَنُونَ زِينَةُ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

وَالْبَيْتَاتُ الصَّالِحَاتُ

خَيْرٌ عِنْدَ رَبِّكَ ثَوَابًا

وَخَيْرٌ أَمَلًا ﴿٤٦﴾

وَيَوْمَ نُسِرُّ الْجِبَالَ

وَتَرَى الْأَرْضَ بَارِزَةً

وَحَشَرْنَاهُمْ

فَلَمْ يُغَادِرْ مِنْهُمْ أَحَدًا ﴿٤٧﴾

وَعَرِّضُوا عَلَيَّ رِيكَ صَفَاً

i'iin, tuuta tuutan, ummata ummataan

*Wanni isaanin je'amu, dhugumaan akka gaafa dura, isin uumnetti nutti dhufan , adda addaan kan dhayna hin qabatin, qullaa, kophe malee ,yaabbii malee, kan hori'iifii, ilmaan isin biran jirre,

48} *Wanni Rabbiin warra eega duunee hin kaafamnu je'uu tureen je'u wanni seetan akka kaafamtanii bakki itti wal geessan abaduma isinii godhamin, isin haalli amma argatan ni dhufaa hin eeyne.

*Gaafa kitaabni dalagaan namaa keessatti katabamte khaayamee namarra fidame,

*Gaafas warra cubbuu dalagu, kanneen waan kitaaba dalagaa isaanii san keessa jiru sodaatan agarta,

*Wanni hoggaa waan kitaaba keessa jiru argan je'an, yaa badii teenya, kan wanni hamtuun nuti addunya'arratti dalayne nutti fidde,

*Maali kitaabni akkanaa kan dilii xiqqo'oo guddoo nuti dalayne katabu malee hin dhiifne,

*Duuba namuu waan dalage, kheyrii tayuu, sharrii tayuu, hunda kan kitaaba san keessatti katabame arge if duratti. kan ragaa itti hin barbaanne,

49} *Rabbiin kee nam tokkollee hin miidhu, dilii inni hin dalaginiif isa qixaaxee, gaarii inni dalage duraa ir'isee, nama hin miidhu.

*Gaafa malaaykaadhan aadamiif sujuudaa jennee, ajajne dubbadhaa,

*Duuba malaaykan hundi sujuudde ibliis

malee, sujuuda kabaja'aa, takkaa sujuuda aadamii kabaja'aa kan Rabbiif ibaadada'aa, sujuudaa jechu'u, niyyaa yaada aadam kabaju'uutin, sheyxaanni takkaa Rabbi ibaadu'ulle'een hin sujuunne,

*Ibliis jinni'irraa tayuu ture

*Duuba sujuuduu dhabu'uun, amrii Rabb-

لَقَدْ جِئْتُمُونَا كَمَا خَلَقْنَاكُمْ أَوَّلَ مَرَّةٍ

بَلْ زَعَمْتُمْ أَن لَّنْ نَّجْعَلَ لَكُم مَّوْعِدًا ﴿٤٨﴾

وَوَضِعَ الْكُتُبَ

فَتَرَى الْمَجْرِمِينَ مُشْفِقِينَ مِمَّا فِيهِ

وَيَقُولُونَ يَا وَيْلَتَنَا

مَا لَ هَذَا الْكِتَابِ لَا يَغَادِرُ صَغِيرَةً وَلَا كَبِيرَةً إِلَّا أَحْصَاهَا

وَوَجَدُوا مَا عَمِلُوا حَاضِرًا

وَلَا يَظُنُّ رَبُّكَ أَحَدًا ﴿٤٩﴾

وَإِذْ قُلْنَا لِلْمَلَائِكَةِ اسْجُدُوا لِآدَمَ

فَسَجَدُوا إِلَّا إِبْلِيسَ

كَانَ مِنَ الْجِنَّ

فَفَسَقَ عَنْ أَمْرِ رَبِّهِ

irraa takkaayuu karaa Rabbii isarraa baye,
*Duuba si isin ilmaan aadam ibliisifii ilmaan
isaa jinnii,

أَفَسَخَذُونَهُ وَذُرِّيَّتَهُ

*Naa achitti, owliyaa yookaa aanaa godhat-
tanii ?dubbii tiyya dhiiftanii ta isaa dhag-
eessanii,

أَوَلَيْكَآءٍ مِنْ دُونِي

*Odoo ibliisifii ilmaan isaa shayaaxiinni
diina keessan kan hoggaa hunda miidhuma
teessanii deeman tayanuu,

وَهُمْ لَكُمْ عَدُوٌّ

50} *Bakka Rabbi ibaadun sheyxaana ibaa-
dun, warra san dalagurraa waa fokkatee, ba-
kka Rabbii sheyxaana ibaadun fokki'.

يَسْأَلُ لِلظَّالِمِينَ بَدَلًا

*Ibliisifii ilmaan isaa uumaa dachi'iifii sa-
mi'ii hin garsiifne, takkaa bakka san isaan
hin finne,

❖ مَا أَشْهَدُهُمْ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Hogga'an garii isaanii uumu garii isaanii
fidee hin garsiifne, isaan waanuman akkan
isin uumetti uumee, akkamiin Rabbi godha-
ttanii ibaaddan? ibliisifii ilmaan isaa jinnii,

وَلَا خَلَقَ أَنْفُسَهُمْ

51} *An waa uumuu keessatti shayaaxiinan

وَمَا كُنْتُ مُتَّخِذَ الْمُضِلِّينَ عَضُدًا

hin gargaarsifadhu duris ammas, waanan uume hunda, khophaa tiyyan uumee ,
maalumma'aan ibliisifii ilmaan isaa ibaaddan, na dhiiftanii, {kgadgudan}

{عضدا} jechuun; gargaaraa jechu'u.

*Guyyaa Rabbiin kuffaaran je'u, dubbadhu,
wanni inni je'uun,

وَيَوْمَ يَقُولُ

*Waan natti qindeessitanii naa achitti gab-
bartan yaammadhaa, haa Rabbirraa araara
isiniin barbaadanii, akka nu shafaatiidhaf ga-
bbarra je'uu turtan,

نَادُوا شُرَكَآءِيَ الَّذِينَ زَعَمْتُمْ

*Duuba waan Rabbii achitti ibaaduu turan
san yaammatan,

فَدَعَوْهُمْ

*Duuba yaammannaan hin dirmanneef,

فَلَمْ يَسْتَجِيبُوا لَهُمْ

52} *Kuffaarafii waan isaan Rabbii achitti
gabbaran jidduu laga jahannam goone, akka
waliin itti gubataniif .

وَجَعَلْنَا بَيْنَهُمْ مَوْبِقًا

*Warri dili'ii ibidda fago'oo itti as deemu
takkaa itti achi yaa'an argeeti,

وَرَاءَ الْمَجْرُمُونَ النَّارَ

*Beekhanii hubatan,

فَظَنُوا

*Akka isaan ibidda san seenanii, itti gubatan,

أَنَّهُمْ مُّوَاقِعُوهَا

53}*Karaa itti jalaa bayan dhaban, waan isiin isaanitti marsitee jirtuuf, tanaaf jecha, ibidda san malee bakka biraa tan qubatan hin argatan irraa maqu'uufii dheysullee hin dandayan.

وَلَمْ يَجِدُوا عَنْهَا مَصْرِفًا ^(٥٣)

*Dhugumaan qur'aana kana keessatti waan fakkeessaa dubbi'ii taye hunda addeessinee ifa baafnee namaaf dubbanne ,akka dubbiin isaanii galtee, haqa arganii qajeelaniif,

وَلَقَدْ صَرَّفْنَا فِي هَذَا الْقُرْآنِ لِلنَّاسِ مِنْ كُلِّ

مَثَلٍ

54}*Haalli kaafiraa haqa dura dhaabbatee moromuu, heddommaata.

وَكَانَ لِالنَّاسِ أَكْثَرَ شَيْءٍ جَدَلًا ^(٥٤)

*Wanni orma kuffaaraa amanu'urraa dhoowwe,

وَمَا مَنَعَ النَّاسَ أَنْ يُؤْمِنُوا

*Gaafa qajeellun Rabbirraa isaanitti dhufte, waan biraatii miti,

إِذْ جَاءَهُمُ الْهُدَى

*Ammallee wanni araara Rabbii isaanii barbaadu'urraa dhoowwe waan biraatii mitii,

وَيَسْتَغْفِرُوا رَبَّهُمْ

*Karaan takkaa,aadan Rabbiin kuffaara isaan dura dabre,itti fixe isaanitti dhufuu eegu-u'u malee,santu amanu'urraa isaan dhoowwe,

إِلَّا أَنْ تَأْتِيَهُمْ سُنَّةٌ الْأَوَّلِينَ

55}*Takkaa azaabni Rabbii dirree bayee isaanitti dhufuu eeguu yoo taate malee, wanni biraa amanu'urraa, araara barbaadu'urraa isaan hin dhoowwine.

أَوْ يَأْتِيَهُمُ الْعَذَابُ قُبُلًا ^(٥٥)

*Nutu ergamoota hin erginu, isaanii warra amane jannataan gammachiisu kanneen warra kafare azaaban sodaachisu malee, dalaagan ergamootaa tana,

وَمَا تُرْسِلُ الْمُرْسَلِينَ إِلَّا مُبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ

*Warri kafare kijiba qabataniiti haqaan moroman, si Rabbiin malaaykaa dhiiseti nama ergaa? faa je'anii,

وَيُجَادِلُ الَّذِينَ كَفَرُوا بِالْبَاطِلِ

*Akka kijibaan namaan moromuu saniin haqa balleessaniif,takkaa injifataniif jecha ,

لِيُدْحِضُوا بِهِ الْحَقَّ

56}*Ormi kuffaaraa qur'aanafii waan soda-chifamaniin,kan akka ibiddaa, qishna'aaf qabatan, tapha godhatan ni xiqqeessan.

وَاتَّخَذُوا آيَاتِي وَمَا أُنذِرُوا هُزُوًا ^(٥٦)

*Eenyu namni nama aayata Rabbiitin gorfamee, duuba gorfamuu didee, irraa gara galerra, cubbuu dalage? namni isarra hamtuu dalage hin jiru jechu'

*Kan diliin inni dalage azaaba booda itti fiddu laaluu dhiisee, matumaanuu irraanfatu, haa tayuu haalli isaanii sin yaachisin, amanuu isaanii nuti hin fedhini,

*Nutu qalbii isaanirraa keenyee jirra,

*Qadaaddaa qur'aana beekhu'urraa isaan dhoowwitu,

*Gurra isaanii keessa ulfina, waa dhagayuu dhoowwu keenyee, haqan dhagayan,

57}*Jara kana yoo karaa qajeelo'otti isaan yaamte abaduma hin qajeelan, waan nuti qalbi`iifii gurra isaanii cufneef jecha warri qajeelloo ehamu, warra Rabbiin qalbii isaanii banee, ammoo jarri kun akka hori'itii hin qajeelan.

*Rabbiin kee kan gabrootaf araaramu, isaan itti balleesu'uun wajji, ammallee Rabbiin kee kan waan uumef rahgmata godhu

*Odoo Rabbiin dilii gabroottan isaa dalaganiif kan isaan yakku tayee,

*Silaa addunyaa tanarratti balaa isaanitti buusee lafarraa isaan fixa,

*Haa tayuu Rabbiin bakka itti isaan qixaaxu isaanii godhee jiraa, akkanaa hin dhiisu, kan hin qixaaxamne,

58}*Isaan bakka itti qixaaxamu'uu taa'an malee bakka biraa hin argatan, bakkitti qixaaxa isaanitiif Rabbiin godhe, kan isaan irraa maquu hin dandeenye guyyaa qiyaama'aati

*Biyyoota warra dur dabree kan akka warra {iram} je'amuu,

*Warra biyyoota sanii isaan badanii jallannaan balaa itti buufnee, addunyuma tanarratti lafarraa isaan fin'e,

59}*Waytii isa keessa azaaba isaanitti buu-

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ ذُكِّرَ بِآيَاتِ رَبِّهِ فَأَعْرَضَ عَنْهَا

وَنَسِيَ مَا قَدَّمَتْ يَدَاهُ

إِنَّا جَعَلْنَا عَلَى قُلُوبِهِمْ

أَكِنَّةً أَنْ يَفْقَهُوهُ

وَفِي آذَانِهِمْ وَقْرًا

وَإِنْ تَدْعُهُمْ إِلَى الْهُدَى فَلَنْ يَهْتَدُوا إِذًا

أَبَدًا ﴿٥٧﴾

وَرَبُّكَ الْعَفُورُ ذُو الرَّحْمَةِ

لَوْ يَوَازِئُهُمْ بِمَا كَسَبُوا

لَعَجَلَ لَهُمُ الْعَذَابَ

بَلْ لَهُمْ مَوْعِدٌ

لَنْ يَحْدُوا مِنْ دُونِهِ مَوْيَلًا ﴿٥٨﴾

وَتِلْكَ الْقُرَى

أَهْلَكْنَاهُمْ لَمَّا ظَمَمُوا

وَجَعَلْنَا لِمَهْلِكِهِمْ مَوْعِدًا ﴿٥٩﴾

fnu isaanii goonee, duuba warri Rabbitti amanuu dide, saniin gorfamanii jallinarra hin deebi'an .

*Gaafa nabi muusan ilma imraan , dardarticha isaatin je'e dubbadhu, wanni inni dardarticha isaa {yuusha'iin} je'e;

وَإِذْ قَالَ مُوسَى لِفَتَاهُ

*Hangan bakka baharri lamaan itti wal

لَا أَبْرَحُ حَتَّىٰ أَبْلُغَ مَجْمَعَ الْبَحْرَيْنِ

gayu, gayuu adeemsarraa gad hin taa'u je'een, baharri lamaan sun bahara faarisiifii bahara rumi, bakkeen inni itti wal gayu bakka {xanjaa} je'amtu tan biyya maghribi je'a gariin,

60}*Takkaa zamana yookaa bara dheeraa deemutti yoo fagaate, {hguqub} bara afurtamaa.

أَوْ أَمْضِيَ حُقُبًا ﴿٦٠﴾

*Duuba hoggaa bakka baharri lamaan itti wal tuqu gayan isaafii {yuushakg} dhagaa guddaa tokko jala taa'anii hara baafatanii ka'an, eega waa xiqqo rafanii,

فَلَمَّا بَلَغَا مَجْمَعَ بَيْنِهِمَا

61}*Qurxummii isaanii kan irraa nyaatanii

نَسِيحَاتِهِمَا فَاَتَّخَذَ سَبِيلَهُ فِي الْبَحْرِ سَرَبًا ﴿٦١﴾

qirceeta keessa khaayatan tan qirceeta keessaa baatee bahara seentee baharri karaa tayeefii karaan isiin deemte, akka foodda'aa taye, Rabbiin bahara walitti yaa'uu dhoowwee goggoysee kharaan isiin deemtee akkuma godatti hafe, duuba {yuushakg} khaadimtichi {muusa'aa} hoggaa qirxumii waaddamte tan irraa nyaadhamte tan jiraattee bahara seentee, karaa baharaa keessa deemu bishaan irraa goggogee akka foodda'aa taye hafe argu ajaa'iba godheeti, haa tanyuu nabi muusa'atti himuu irraanfate, nabi muusanis qurxumii nuu fuudhi je'ee yaadachiisuu irraanfate.

*Duuba hoggaa yaa'anii bakka san dabran, halkan deema'aa bulanii, ganama gizee ware'ee bakka takka gayan,

فَلَمَّا جَاوَزَا

*Nabi muusan khaadimtichi isaatin akki je'e mee faxara keenya nu kenni,

قَالَ لِفَتَاهُ إِنَّا غَدَاءُ نَا

62}*Dhugumaan safara keenya kanarraa cinqii agarree.

لَقَدْ لَقِينَا مِنْ سَفَرِنَا هَذَا نَصَبًا ﴿٦٢﴾

*{Yuushakg} akki je'een wahi gartee , yaa {nabiyyallaah} yaa nabiyyii Rabbii waytii dhagaa gudda'atti gorree, rafte waytii san, waan ajaa'ibaa kan achitti argame wahi gartee,

قَالَ أَرَأَيْتَ إِذْ أَوْنَا إِلَى الصَّخْرَةِ

*An qurxumicha qircheeta keessaa bayee bahara seenee bakkeen inni bahariin seene akka foodda'atti haftee, mul'attun argee, duuba hoggaa ati hirriibaa kaate sittin himuu irraanfadhde,

فَإِنِّي نَسِيتُ الْحُوتَ

*Qissaa qurxummi'ii san sii odeessuu sheyx-aana malee wanni birraa nan irraanfachiifne, **63}*** Akkasitti qurxummichi akka ajaa'ibatti bahara keessa karaa godhatee dabre je'een.

وَمَا أُنْسِيهِ إِلَّا الشَّيْطَانُ أَنْ أَذْكُرَهُ

وَإِتَّخَذَ سَبِيلَهُ فِي الْبَحْرِ عَجَبًا ﴿٦٣﴾

*Jennaan nabi muusan akki je'een, wannu

قَالَ ذَلِكَ مَا كُنَّا نَبِغُ

mmaan barbaannuu sanii tolte je'een, maalif ? nabi muusan yaa Rabbi namni narra waa beekhu, zamana kana keessa ni jiraa je'een, eeyee je'een, jennaanin eesattin arga? irraan baradhaa yaa Rabbi je'een, jennaanin qurxummii fudhuu, qirceeta keessa kaayadhuu, bakka baharri lama itti wal gayu dhaqi, duuba bakka qurxummiin sun si dura itti baddutti nama san agartaa je'een, tanaaf nabi muusan waannummaan barbaannuu sani je'ee, gammade,

64}* Duuba if duuba deebi'anii akka kara'arraa hin banne karaa dhufaniin faana isaan-irra deeman hanga bakka dhaga'aa san dhufanitti

فَارْتَدَاعِلَآءَ آثَارِهِمَا قَصَصًا ﴿٦٤﴾

*Duuba achitti gabricha tokko, kan gabroota keenyarraa tokko taye argan,

فَوَجَدَا عَبْدًا مِنْ عِبَادِنَا

*Kan rahgmata guddaa if biraa isaaf kennine

ءَالَيْنَهُ رَحْمَةً مِنْ عِنْدِنَا

beekomsa namni biraa hin beyne kennineefii inni khadiri, maqaan isaa {balyaa} kunyaan isaa {abulkgabaasi}, irra hedduun ulama'aa khadir waliyyi'i malee nabiiyi'ii miti je'e, ammallee irra hedduun isaanii inni hin duunee ni jira je'a,

65}* Khadir beekomsa khopha'aa kan

وَعَلَّمْنَاهُ مِنْ لَدُنَّا عِلْمًا ﴿٦٥﴾

namni biraa biraa hin beyne, kan waan dhufaa taa'uu isa barsiifne, beekomsa akkasii Rabbumarraa malee nama birarraa baruun hin mijjaayu, wanni beekomsa akka Rabbiin khadirii kennee Rabbirraa argataniin yoo waan inni itti ajaje dalaganii sodaa rabbii guutu'utti qabaatanii, gabrummaa dhuga'aa qabatani, waan Rabbiin jaalatu dalaguu heddommisan Rabbumaa je'anii, gaafas beekomsa namni hin beyne if biraa namaa kenna, hanga beekomsa sun, ijaaf, gurra, harkaa miila gabricharratti mul'atu takkatti, hanga amrii Rabbiitin malee waa takka hin dalayne takkatti, duuba khadir beekomsa akkanaati Rabbiin kenneef kan nabi muusa'aaf beekomsa biraa kenne karaa jibriil itti argee, kitaaba towraat je'amu irratti buusee barsiisen, duuba nabi muusan beekomsa

isarratti beekkomsa khadir Rabbirraa argate ida'atuu barbaade, odoon nabi muusan khadiirirraa caaluu, waan muusan nabiyyii tayeef, khadiir waliyyii tayeef jecha, duuba nabi muusa'aafii {yuushakg} hoggaa if duuba deebi'an, bakka dhaga'aa sanitti khadiirii Rabbiin akkasitti beekkomsa ifiitin guddise, isaa huccuu ifitti maree lafa dhagaa maddii ciisu nabi muusan argee, irratti salaammatu huccuu fuularraa if fuudhee eenyu ati je'een, jennaan muusaa je'een, jennaanin muusaa banii israa'iilii je'een? Jennaanin nabi muusan akki je'een akkan an muusaa banii israa'il taye maaltu si beysise je'een? jennaanin khadir akki je'een Rabbi si natti qajeelchetu na beysise je'een .

66} *Jennaanin nabi muusan yaa gabricha Rabbi akka waan Rabbi si barsiiserraa waan gaarii jiruu tiyya keessatti qajeelun na barsiiftu si jala deemuu naa ehamtaa je'een.

قَالَ لَهُ مُوسَىٰ هَلْ أَتَّبِعُكَ عَلَىٰ أَن تُعَلِّمَنِي مِمَّا
عَلَّمْتَ رُشْدًا ﴿٦٦﴾

67} *Jennaanin obsitee, na wajji deemuu

hin dandeessu, dalagaa shari'aa tee hin gaxxamne narraa gartaa, an Rabbiin beekkomsa siin kennin naa kennee, atis beekkomsa naan kennin sii kennee, an waanan itti ajajamen qabaa, atis waan biraa kan ati itti ajajamte qabdaa, ati na wajji deemuu hin dandeessu je'een.

قَالَ إِنَّكَ لَن تَسْتَطِيعَ مَعِيَ صَبْرًا ﴿٦٧﴾

68} *Silaa mee akkamiin waan yoo laalte hamtuu tayuu agartu, tan keessa isi'ii hin beyne, kan waan dhufaa taa'u hin beyne akkamiin qeebalta, takkaa fudhatta je'een?

وَكَيْفَ تَصْبِرُ عَلَىٰ مَا لَمْ تُحِطْ بِهِ خُبْرًا ﴿٦٨﴾

69} *Jennaanin nabi muuan hin sodaatin yoo Rabbi je'e anaa obsa qabu, kan dalagaa tee takkallee hin dinne na argu'uu jiraattaa je'een.

قَالَ سَتَجِدُنِي إِن شَاءَ اللَّهُ صَابِرًا وَلَا أَعْصِي لَكَ
أَمْرًا ﴿٦٩﴾

*Jennaan hayaagaa, yoo diddee na jala de-emte waa takka waanan an dalagurraa nan gaafatin, maalif waan kana dalayda jettee,

قَالَ فَإِنِ اتَّبَعْتَنِي فَلَا تَسْأَلْنِي عَنْ شَيْءٍ

70} *Hangan an waanin dalageef si himutti, akkanatti khadiir nabi muusaa ballama seen-sisee nabi muusanis qeebalee, adabni nama waa baratuu nama isa barsiisu dhagayuu.

حَتَّىٰ أَخْبُرَكَ مِنْهُ ذِكْرًا ﴿٧٠﴾

*Duuba eega akkasitti wal tayanii ka'aniiti qarqara baharirra yaa'uu jalqaban,

فَأَنْطَلَقَا

*Hanga isaanii yaa'u safiinan gartee mallaq-

حَتَّىٰ إِذَا رَكِبَا فِي السَّفِينَةِ خَرَقَهَا

aan male'etti yaabbachiiftetti, duuba hoggaa yaabbatan khadiir ka'eetuma qu-
ttoo fudhatee safiinaa sanirraa muka bishaan seenuu dhoowwu buqqisee ure,
hoggaa san nabi muusan huccuu isaatin bakka san cufee,

*Akka je'een warra safiinaa tana yaabbatu
baharitti fixu'uuf safiinaa urtee?,

قَالَ أَخْرَقْنَاهَا الْغُرُقَ أَهْلِهَا

71} *Dhugumaan balleessaa guddoo dala-
yde, haqa namaa warra bilaashitti nu yaa-
bbachiise duraa uru'uun

لَقَدْ جِئْتُمْ شَيْئًا إِمْرًا ﴿٧١﴾

72} *Jennaanin khadir nabi muusa'aan akki
je'e; duraan waan an dalagu fudhattee obsuu
hin dandeessu siin hin jennee, je'een.

قَالَ أَلَمْ أَقُلْ إِنَّكَ لَنْ تَسْتَطِيعَ مَعِيَ صَبْرًا ﴿٧٢﴾ قَالَ

*Jennaan nabi muusan akki je'een; baalla-
man sii seene irraanfadheetan, waan ati dal-
ayde si harkatti qabee waanan irraanfadhe
jettee nan qabin, nan yakkin,

لَا تَوَاخِذُنِي بِمَا نَسِيتُ

73} *Rakkoo nan ba'achiisin , dubbii natti
jajjabeesitee.akkana jechuun, isaa dhiifama
naa godhii dubbii naa laaffisi jechu'

وَلَا تُرْهِقْنِي مِنْ أَمْرِي عُسْرًا ﴿٧٣﴾

*Duuba eega safiina'arraa bu'anii amna itti
fufan

فَأَنْطَلَقَا

*Hanga hoggaa yaa'anuu mucaa tokko kan
takkaa hin saalfatin bareedaa joolle'een wajji
taphatu arganii,

حَتَّىٰ إِذَا الْقِيَاةُ عَلِمْنَا

*Khadiir mucaa san qabee ajjeesetti morma
laqaaqee,

فَقَاتَلَهُ

*Nabi muusan hoggaa isaa gurbaa ajjeesu
argu, wanni je'een,

قَالَ

*Si lubbuu dilii hin qabne ajjeeftee?,

أَفَلَيْتَ نَفْسًا زَكِيَّةً

*Kan isiin lubbuu namaa ajjeeftee isaanii
jecha ati isii hin ajjeesin lubbuu qulqulluu
,takkaa hin saalfatin takkaa hin ballaghin,

بِعَبْرِ نَفْسٍ

74} *Dhugumaan dilii yookaa cubbuu gud-
doo shari'aan inkaartu, yookaa diddu dala-
yde je'een.

لَقَدْ جِئْتُمْ شَيْئًا نُكْرًا ﴿٧٤﴾

75} *Jennaanin khadiir akki je'een:yaa mu-
usaa , ati naan wajji obsitee deemuu hin da-
ndeessu siin hin jennee,maalif waa na
gagaafatta?.

قَالَ أَلَمْ أَقُلْ لَكَ إِنَّكَ لَنْ تَسْتَطِيعَ مَعِيَ صَبْرًا

قَالَ ﴿٧٥﴾

*Jennaan, nabi muusan wanni je'een , yoon,
tana booda, waa si gaafadhe,si jala deemuu
nattin dhiisin ,

76} *Dhugumaan uzrii, yookaa dhiifama ho-
onga naaf geessee,amma eegu,if jalaa na
dhoowwu'uuf karaa qabda je'een.

*Duuba khadiiriifii nabi muusan odoo
yaa'anuu ganda {anxaakiyaa} je'amu to-
kko dhufanii,

*Warra ganda sanirraa isaan keeysumm-
eysuu barbaadan, nyaatafii, dhugaatii, isaanii
kennanii, bulchani,

*Duuba warri ganda sanii kheessummeysuu
didan, nyaatallee kennu'uuf didan,

*Khadiirifii nabi muusan ganda san keessatti
dhaaba manaati argan,

*Dhaaba manaa kan jigu'uu deemu, takkaa
fedhu,

*Duuba khadiir dhaaba san harkaan tuqee,
takkaa utubaa jala dhaabee,takkaa digee
jaaree, akka duritti deebise,

77} *Nabi muusan,san agarraan akki kha-
diriin je'e odoo feetee,mu'uya, dhaaba kana
akkatti jaaru'urratti fudhatta je'een,waan
isaan nun keessummeysiniif,nuti nyaatatti
akkaan haajamu'uun wajji

*Jennaan khadiir nabi Muusa`aan akki je'e:
waytiin naafii ati adda baanu amma, akka
atuu gaafan mucaa ajjeese, yoon amma
eegu,waa si gaafadhe,si wajji deemu'utti nan
dhiisin jette,

78} *Haa tayuu odoo addan baanen tafiira
yookaa hiikkaa waan an dalagee tan irratti
obsuu dadhabde hunda sii kennu'uu taa'aa
caqasi ;

*Ammoo safiinan an caphse, tan nama ku-
dhan hiyyeeyyii bahara keessa, isiidhan dal-
agatee ,rizqii barbaaddatuuti, tan abbaa isa-
anirraa dhaalan ,

إِن سَأَلْتُكَ عَنْ شَيْءٍ بَعْدَهَا فَلَا تُصَحِّحْنِي

فَدَبَعْتَ مِن لَدُنِّي عَذْرًا ﴿٧٦﴾

فَانْطَلَقًا حَتَّى إِذَا أَنبَأْنَا أَهْلَ قَرْيَةٍ

أَسْتَطَعْنَا أَهْلَهَا

فَأَبْوَأْنَا يُضَيِّقُهُمَا

فَوَجَدَا فِيهَا جِدَارًا

يُرِيدُونَ أَنْ يُنْقِضَ

فَأَقَامَهُ

قَالَ لَوْ شِئْتَ لَتَّخَذْتَ عَلَيْهِ أَجْرًا ﴿٧٧﴾

قَالَ هَذَا فِرَاقُ بَيْنِي وَبَيْنِكَ

سَأُنَبِّئُكَ بِمَا أُوِيلِ مَا لَمْ تَسْتَطِعْ عَلَيْهِ صَبْرًا ﴿٧٨﴾

أَمْ السَّفِينَةُ فَكَانَتْ لِمَسْكِينٍ يَعْمَلُونَ فِي الْبَحْرِ

*Duuba isii caphsu'uun, isii fafeessu'un fedhe akka mootichi roorrisaan tokko, isaan duraa hin fudhanne,

79} *Maalif? Fuula isaanii dura, mootii safiinaa fayyaa qabdu hunda fudhatuutu jira ,kan kara'atti eegee dirqi'iin qabee fudhatu..

*Ammoo gurbaanan ajjeesse sun haadha abbaan isaa warra Rabbitti amane, kan ilma isaanii kana akkaan jaalatan,

80} *Duuba wanni sodaanne aalalti isaa karaa Rabbirraa isaan baaftee kafarsiisuu waan Rabbiin gurbaan sun, kaafira abaduma hin amanne tayuu dabarseef.

*Duuba sababaa isa ajjeesu'uutin Rabbiin ilmoo biraa tan ilma sanirraa caaltu, bakkaa isaa, isaanii kennuu feene,

81} *Tan gama tolaatifii gama haadhaa abba'aa rahgmata godhu'utti akkaan dhiyaattu, duuba Rabbiin intala nabiiyyii heerumtee ,nabiiyyii dhalte, isaanii kenne, bakka gurbaa sanii .

*Ammoo dhaabni manaa, kanan jaare ,kan joollee lamaa tan abbaan irraa du'eeti , ganda san keessatti

*Dhaaba san jalatti, horii gudda'aatu ziqiyaafii , meetarraa, awwaalamee jiraa,

*Abbaan isaan lamaanii, nama gaarii Rabbi sodaatu tayuu ture,

*Duuba Rabbiin kee,akka joollen tun guddattee bakka geessee,

*Horii isaanii baafattu fedhee ,tanaaf Rabbiin dhaaba san jaaru'utti na ajaje,

*Rabbiin kee isaanii rahgmata godhu'uu jecha, waan abbaan isaanii nama gaarii tayeef,

*Waanin dalage san kan akka safiinaa oru'uu ,mucaa ajjeesu'uu,dhaaba jaaru'uu san, if biraa kaasee hin dalaynee, ajaja Rabbiitinan dalage,

82} *Wannin sii hime sun, tafsiira waan ati

فَأَرَدْتُ أَنْ أَعِيبَهَا

وَكَانَ وِراءَهُمْ مَلِكٌ يَأْخُذُ كُلَّ سَفِينَةٍ غَصْبًا ﴿٧٩﴾

وَأَمَّا الْعُلَمَاءُ فَكَانَ أَبْوَاهُ مُؤْمِنِينَ

فَخَشِينَا أَنْ يُرْهَقَهُمَا طُغْيَانًا وَكُفْرًا ﴿٨٠﴾

فَأَرَدْنَا أَنْ يُبْدِلَهُمَا رَبُّهُمَا خَيْرًا مِمَّا كَانُوا

زَكَوَةً وَأَقْرَبَ رَحْمًا ﴿٨١﴾

وَأَمَّا الْجِدَارُ فَكَانَ لِغُلَامَيْنِ يَتِيمَيْنِ فِي الْمَدِينَةِ

وَكَانَ تَحْتَهُ كَنْزٌ لَهُمَا

وَكَانَ أَبُوهُمَا صَالِحًا

فَأَرَادَ رَبُّكَ أَنْ يَبْلُغَا أَشُدَّهُمَا

وَيَسْتَخْرِجَا كَنْزَهُمَا

رَحْمَةً مِن رَّبِّكَ

وَمَا فَعَلْنَاهُ عَن أَمْرِي

ذَلِكَ تَأْوِيلُ مَا لَمْ تَسْطِعْ عَلَيْهِ صَبْرًا ﴿٨٢﴾

irratti obsuu dadhabdee, odoodhan an siin odeessin na harkatti qabdeeti, nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu {nabi muusan odo obsee wajji deemee silaa waan hedduu khadiirraa nuu baasa } je'an .

*Mooticha {zulqarneyni} je`amu kan addu-

وَسْتَلُواكَ عَنْ ذِي الْقُرَيْنِ

nyaa mara mooyerraa si gaafatan, namni gaafate yahuuda'a maqaan isaa {isk-andari} inni waliyyii ,mooti'i malee, nabiyi'ii miti, mu'tamadarratti deemnee ,wanni zulqarneyni je'ameef gaafa lama xixiqqaa qaba, takkaa faarisiifii ruum mooye'eef.

83} *Qissaa yookaa oduu isaa isinirrattin qar'a, je'iin.

قُلْ سَأَتْلُوا عَلَيْكُمْ مِنْهُ ذِكْرًا

*Nutu dachii tana keessatti isaaf mijjeessine ,akka fedhetti keessa deemu, isi'irratti mooyuu, isaaf laaffifnee jirra,

إِنَّا مَكْنَاهُ فِي الْأَرْضِ

84} *Waan inni itti haajamu hundatti , karaa

وَأَنْبَأَهُ مِنْ كُلِّ شَيْءٍ سَبَبًا

isaa banne ,takkaayuu sababaa ittiin gayu, isaaf kennine , beekkomsaafii dandeytii waan mootummaan itti haajamtu hunda, isaaf laaffifnee, hanga bayaa, dhiyaa mooyatti, inni warra addunyaa tana mooye afranirraa tokko, akka odeffametti, addunyaa tana, walii gala isi'ii nama afurtu mooye, afran :lama mu'minaa, lama kaafiraa, mu'minni lamaan nabi suleymaanifii zulqarneyni ,kaafirri lamaan namruuzifii bukhtunussari, Rabbiin zulqarneynif sababaa hunda laaffise.

85} *Duuba zulqarneyni sababaa,yookaa karaa Rabbiin isaa laaffise ,qabatee gama dhiyaa deeme,

فَأَنْبَأَ سَبَبًا

*Hanga hogaa bakka aduun seentun gayu,

حَتَّىٰ إِذَا بَلَغَ مَغْرِبَ الشَّمْسِ

*Aduu ta ija bishaan isi'ii bordoda , gurra-

وَجَدَهَا غَرْبًا فِي عَيْنِ حَمِئَةٍ

achaa,keessa jirtu seentu argetti, inni, aduu ija bishaanii seentu arguun, akka ijatti isaaf mul'ate,waan dachii qarqara bahara,gama achi aanun jirtu hin arginiif, aduun hoggaa bahara gubba'aan lixxu, akkuma waan bahara keessa seentuti itti fakkaatte malee,aduun dachirra guddo'oo ,ija bishaanii seenun, hin mijaayu,

*Bakka aduun seentun, ijaa san biratti zulqarneyni ummata kuffaaraa kan magaalaa guddoo qarqara bahar jirtu keessa jiru arge,

وَوَجَدَ عِنْدَهَا قَوْمًا

*Hoggus zulqarneynin akki jenne: yaa zulqarneyni,

قُلْنَا يَا الْقَارِئِينَ

*Ummata kana ajjeeftee,lafarra isaan fixuu

إِمَّا أَنْ تُعَذِّبَ

86} *Takkaa tola isaanii ooltee ajjeesuu dhi-
iftee boojitee, tolaan iimaanatti isaan yam-
u'urraa kan feete dalagi jenneen.

وَإِمَّا أَنْ نُنْجِذَ فِيهِمْ حُسْنًا ﴿٨٦﴾

*Jennaanin zulqarneyni akki je'e: ammoo
nama kafare

قَالَ أَمَّا مَنْ ظَلَمَ

*Ajjeesu'uuf jiraanna,

فَسَوْفَ نُعَذِّبُهُ.

87} *Eegasii aakhira'atti gara Rabbii isaati
deeffamaa, Rabbiin azaaba jaba'aan isa qix-
aaxu'uuf taa'a.

ثُمَّ يَرْدُنَا إِلَىٰ رَبِّهِ فَيُعَذِّبُهُ عَذَابًا مُّكْرَرًا ﴿٨٧﴾

*Ammoo nama isaanirraa amanee, waan ga-
arii dalage

وَأَمَّا مَنْ ءَامَنَ وَعَمِلَ صَالِحًا

*Galata gaarii Rabbirraa argata, sun jan-
nataa,

فَلَهُ جِزَاءٌ الْحَسَنَىٰ

88} *Nama tole san waan laaftuu isaan je-
nna: wahayyuu Addunyaa tanarratti isaaf la-
affifna, waan isatti hin ulfaanetti isa aja-
ju'uun.

وَسَقَوُلْ لَهُ مِنْ أَمْرٍ نَّاسِرًا ﴿٨٨﴾

89} *Ammas eegasii {zulqarneyni} karaa
nuti isaa laaffifne qabatee,gara bayaa dee-
muu jalqabe ,ashkara isaa, kan warra dhiya-
rraa jaaren wajji.

ثُمَّ أَنْبَعِ سَبِيًّا ﴿٨٩﴾

*Hanga hoggaa bakka aduun baatun gayu,

حَتَّىٰ إِذَا بَلَغَ مَطْلِعَ الشَّمْسِ

*Aduu ummata tokko kan dura dursoo isa-
anitti baatu argutti ,

وَجَدَهَا تَطَّلِعُ عَلَىٰ قَوْمٍ

90} *Kanneen nuti waan adu'urraa isaa

لَمْ يَجْعَلْ لَهُمْ مِنْ دُونِهَا سِتْرًا ﴿٩٠﴾

dayu hin godhiniif,waan akka uffataatfii,jaarmayaa, mukaa hin qabne, waan dachiin isaanii laaftuu irratti waa jaaruu hin taane taatef, isaan waan aduun jirtuun dachii keessaa hin bayan, ammoo hoggaa isiin seente bayaniiti waan jiraataniin dalagatan, isaan qullaa yaa'an,isaan waan aduun bilcheessite nyaatan, maqaan isaanii {zunuuja} je'ama.

*Dubbiin akka jennee

كَذَٰلِكَ

91} *Dhugumaan waan {zulqarneyni} harkaa

وَقَدْ أَحْطَيْنَا بِمَا اللَّيْلِيهِ خَبِيرًا ﴿٩١﴾

qabu ashkaraafii miya lolaatifii, waan inni taye hunda , beekkomsaan waliin geenyee jirra,kan humna isaatifii haala isaa, nu malee namni biraa beekhuu hin dandeenye.

92}*Ammas zulqarneyni karaa biraa,kan sadeesso'oo kan bayaa,dhiya jidduu isa da-barsee, gara bita'aa,biyya gaara gurgudda'aa isa geessu deeme .

ثُمَّ أَنْبَعِ سَبِيًّا ﴿٩٢﴾

*Hanga hoggaa odoo deemuu, gaara lama kan dhuma biyya turki'ii jiru gayutti.

حَتَّىٰ إِذَا بَلَغَ بَيْنَ السَّدَّيْنِ

*Gaara lamaan san fuula duratti arge.

وَجَدَ مِنْ دُونِهِمَا

93}*Ummata dafee waan dhagaye beekku'utti hin dhiyaanne waan afaan isaanii hin tayiniif

قَوْمًا لَا يَكَادُونَ يَفْقَهُونَ قَوْلًا ﴿٩٣﴾

*Duuba ummanni sun akki je'e:yaa zulqarneyne ummanni {ya'juujifii ma'juuj} je'amu, kanneen gaara lamaan kana duuba jiran hoggaa achii nutti as bayan,balaa nutti buusan waan nuti qabnu fudhataniiti lafa ball-eessanii .

قَالُوا إِنَّا الْقَرْنَيْنِ إِنَّا يَا جُوجَ وَمَا جُوجَ مُفْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ

*Horii sii kenninuu.

فَهَلْ يَجْعَلُ لَكَ خَرْجًا

94}*Akka gaarran nuufii isaan jidduu jirtu tana nurraa itti cuftu, akka nutti as bayuu hin dandeenyetti je'aniin .

عَلَىٰ أَنْ يَجْعَلَ بَيْنَنَا وَبَيْنَهُمْ سَدًّا ﴿٩٤﴾

*Jennaanin waan Rabbiin na badhaasee aanjaa keessatti naa kenneetu, mootumma'aafii,waan biralle'een horii isin naa kennitanirra caala, dallaya takkaayuu jogolan jaaree isinirraa itti cufaa.

قَالَ مَا مَكَّنِّي فِيهِ رَبِّي خَيْرٌ

*Haa tayuu humnaan harkaan na gargaaraa waanan an isinirra barbaadun na bira dhaabbadhaa hori'ii mitii.

فَأَعِينُونِي بِقُوَّةٍ

95}*Isiniifii isaan jiddu'uttan dawuu jabduu godhaa .

أَجْعَلْ بَيْنَنَا وَبَيْنَهُمْ رَدْمًا ﴿٩٥﴾

*Tanaaf jecha sabiila mummura'aa, hanga dhagaa wahiin jaaranii godha'aa, naa fidaa je'eenii fidaniifii, jaaree, sibiila jidduu qom-aanifii khasala khaayee.

ءَأَتُونِي زُبُرَ الْحَدِيدِ

*Hanga hoggaa jaarmaya kaarra sanii ol kaasee ol dheeressee gaara lamaanin qixxe-essutti duuba buufa'aafii ibidda itti khaayee .

*Itti buufaa je'eenii itti afuufan

*Hoggaa sibiilli walirra tuulee,gaara la Mu-lee ,gaara lamaanin qixxeesse,kan mukaafii cilee jiddu'utti guure ,mukaafii cileen afuuf-fa'aan itti bobaatee diimatee, akka ibiddaa tayu .

96}*Nuhaasa bayfame, naa kennaa sibiila diimate kanattan naqaa je'ee, fidaniifii, itti naqee, nuhaasni sibiila jidduu seenee, sibiilli sun ,akka muraa takkaa taye. wal ciniinee walitti qabatuu keessa

*Ya'juujifii, ma'juuj waan inni jaare san irraan bayuu hin dandeenye ,dheerina isaatifii ,mucucaatuu isaatif, takkaa karaamaa zulqarneynitiif .

97}*Ammas uranii kheessan as bayuu hin dandeenye jabeenyafii furdina isaatif takkaa karaamaa zulqarneynitiif

*Duuba zulqarneyni jaaree fixee akki je'e

jaarmayni kun ni'maa Rabbiin gabroottan isaatin qananiise kan sababaa isaatin balaa ummata sanii jalaa gabroottan isaa nagaya baase akka hadiisa keessatti nabirraa nuu odeeffame jarri sun jaarmaya kana jiysu'uuf guyyaa hunda itti bobbayan duuba namichi dalaysiisu galgalli hoggaa gaye, boru qottanii ifirraa galaa je'aan kan yoo Rabbi je'e hin jenne .duuba borummaa, hoggaa itti deebi'an, bakka kalee qotan tan guutamtee hanga dur daran jabaatte argan isaan akkanumatti jiraatan hanga guyyaan qiyaama'aa dhiyaatuu .duuba gaafas namichi isaan dalaysiisu hoggaa isaan qota'aa oolani galgalli gaye, boru qottanii, yoo Rabbi je'ee, ifirraa galaa je'aanii , duuba hoggaa borummaa deebi'an bakkuma khalee itti dhiisanitti argan bakkeen isaan kalee qotan hin guunnee waan yoo Rabbi je'e je'aniif.duuba achirraa qonna itti fufanii ,hidhaa san uranii bayan. tanaaf zulqarneyni akki je'e .

*Duuba gaafa qiyaaman dhiyaattee ballamni Rabbii dhufe jaarmaya san

*Jiyseeti dachi'iin wal qixxeessa afeeti akka waan hin jerree godha .

حَتَّىٰ إِذَا سَاوَىٰ بَيْنَ الصَّدَفَيْنِ

قَالَ أَنْفُخُوا

حَتَّىٰ إِذَا جَعَلَهُ نَارًا

قَالَ أَتُوبِي أَفْرِغْ عَلَيْهِ قِطْرًا ﴿٩٦﴾

فَمَا اسْتَطَعُوا أَنْ يَظْهَرُوهُ

وَمَا اسْتَطَعُوا لَهُ نَقْبًا ﴿٩٧﴾

قَالَ هَذَا رَحْمَةٌ مِنْ رَبِّي

فَإِذَا جَاءَ وَعَدْرِي

جَعَلَهُ دَكَّاءَ

98}*Baallamni Rabbii,kan hoggaa qiyaaman

وَكَانَ وَعْدُ رَبِّي حَقًّا ﴿٩٨﴾

dhiyaatti achiin isaan baasa je'ee seene,haqa.dhufuun oolu .gaafa isaan namatti gad bayan namni isaan dheeyisa bishaan hara xabariyya'aa dhuganiiti gogg-oysan .duuba nabi {IISAAN }du'aa'ii itti godheeti dhukkubaan dhumanii ,ajaan reeffa isaanii addunyaa ajjeessitee , Rabbiin rooba guddaa roobsee goflola isaanii dhiqee baharitti darbee,eegasii dachiin jannata taati hanga bara afurt-amaa Rabbiin akki je'e

*Jarri sun gaafa jaarmayni duraa jigee, namatti gad jigan heddummina keessa wal keessa seenaniiti wal rakkisan. Dachiin itti dhiphattee,

﴿٩٨﴾ وَتَرَكْنَا بَعْضَهُمْ يَوْمَئِذٍ يَمُوجُ فِي بَعْضٍ

*Garriin lammeysa'aa eega sanii afuufamte. qabri'ii nama kaasuu'uu jecha.

وَنُفِخَ فِي الصُّورِ

99}*Duuba hunda, isaanii ,namaafii jenni'ii waan biraa hunda bakka takkatti, dirree qiyaama'atti walitti qabne .

﴿٩٩﴾ فَجَمَعْنَاهُمْ جَمْعًا

100}*Ibidda jahannam kuffaaratti dhiyees-sine akka isaan gubduuf.

﴿١٠٠﴾ وَعَرَضْنَا جَهَنَّمَ يَوْمَئِذٍ لِلْكَافِرِينَ عَرْضًا

*Warri ibidda dhiyeessineef , warra ijji qal-bii isaanii addunya'arratti qadaaddaa keessa jiraachuu turte .

الَّذِينَ كَانَتْ أَعْيُنُهُمْ فِي غِطَاءٍ

*Kanneen zikrii tiyyarraa, qur'aana khiyya-rraa, ija qabatuu turan kanneen isaan hin gorfamneen kanneen haqa qur'aanni dubatu, argu'urraa , qalbiin isaanii balla'aati .

عَنْ ذِكْرِي

101}*Isaan qur'aana nabi Muhammad ,irratti qara'u dhagayuu hin dandayan turan jibb-ansa isaatif.

﴿١٠١﴾ وَكَانُوا لَا يَسْتَطِيعُونَ سَمْعًا

*Si warri kafare , gabroota khiyya naa achi-tti Rabbi godhatuun isaanii,waan nan dalla-nsiifne seyanii? waan isaan fayyadu seya-

أَفَحَسِبَ الَّذِينَ كَفَرُوا أَنْ يَتَّخِذُوا عِبَادِي مِنْ دُونِ

أَوْلِيَاءَ

nii? hin siyin sun dilii goddo'oo, tan namni isi dalage qixaaxa jabaa haqa go-dhatuu gabroota Rabbii owliyaa godhatuun isaan Rabbi je'anii isaan ibaaddu .takkaa Rabbitti qindeessu,isaantu waa nuu uumaa, takkaa isaantu ibaadaa haqa godhataa, yaadu' akka gariin arabaa malaaykaa Rabbi godhatee gabbaru'uu .akka yahuudan nama tokko kan {uzayri} je'amu gabbaru'uu , akka nasaaran iisaa,ilma maryan Rabbi, takkaa ilma Rabbiiti jettee gabbaru'uu. takkaa iba-

adu'uuti.sun Rabbitti kafaruu je'amaa. wanni takka Rabbii achitti waa ni uumtii yaadun , Rabbitti qindeessuu je'ama .

*Nutu ibidda {jahanam} qopheessinee jirra .

إِنَّا أَعَدَدْنَا جَهَنَّمَ

*Warra Rabbitti kafare hundaaf .

لِلْكَافِرِينَ

102} *Akka aakhira'atti bakka isaan qubatan, tan keessummeeffamaniin, isaanii taatuf.

نَزَّلْنَا ۝١٠٢

103} *Orma kuffaaratiin akki jettu warra dalagaa isaanii keessatti akkaan khasaaraman isinii himuu? Isaan .

قُلْ هَلْ نُنَبِّئُكُمْ بِالْأَخْسَرِينَ أَعْمَالًا ۝١٠٣

*Warra dalagaan isaanii bade, addunyaa keessatti.

الَّذِينَ ضَلَّ سَعْيُهُمْ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

104} *Kan isaan dalagaa teenya ni tolchinaa sawaaba irratti argannaa yaadan isaan warra kharaa shari'aatin malee, waan dalagu hunda dalagu .

وَهُمْ يُحْسِبُونَ أَنَّهُمْ مُحْسِنُونَ صَاعًا ۝١٠٤

*Isaan warra aayata Rabbii qur'aana ammallee mu'jizaa, tokkommaa Rabbii beysiftu, qeebaluu didee. itti kafare, takkaa khijibsiisee

أُولَئِكَ الَّذِينَ كَفَرُوا بِآيَاتِ رَبِّهِمْ

*Ammallee isaan warra argaa Rabbitti kafare, kan qabri'ii kaafamanii hisaabamanii galata takkaa qixaaxa mudatuu dhugo'omsuu dide .

وَلِقَائِهِ

*Duuba dalagaan isaanii gaggaarin dalagan

فَخَطَّتْ أَعْمَالَهُمْ

hundi duraa badde, aakhira'atti , waan sharxiin dalagaan fayyaa taatun dhabamteef jecha sun Rabbii tokkichatti amananii, aakhiraan ni dhufftii yaadanii , karaa nabi Muhammad dhufeenirratti, Rabbi ibaadu'uu .

105} *Warra Rabbitti kafareef guyyaa boruu takkaayuu qiyaama'aa gatii isaanii hin goonu

فَلَا نُقِيمُ لَهُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ وَزَنًا ۝١٠٥

*Wanni dubbanne kan dubbii warra kafaretti rarraatu kan akka dalagaan isaanii duraa badu'uu gatii isaanii godhuu dhabu'uu .

ذَلِكَ

*Jazaa isaanitiitu ibidda jahannami .

جَزَاءُ هُمْ جَهَنَّمَ

106} *Waan natti kafaranii, aayata kiyyaafii ergamoota kiyya xiqqeessaniif, takkaayuu kijibsiisaniif .

بِمَا كَفَرُوا وَاتَّخَذُوا آيَاتِي وَرُسُلِي هُزُوًا ۝١٠٦

*Warri Rabbitti amanee, waan gaarii dalage shari'aa Nabi Muhammadirratti deemee .

107} *Bakkeen wal'akkaa jannataa jirtu , tan irraa ol aantu,bakka isaan aakhira'atti qubatanii , kheessummeeffamaniini .

*Kan zalaalamii qanani'aniin

108} *Kan jannata sanerraa godaanuu hin feene takkaayuu hin barbaanne yookaa irraa baafamnaa hin sodaanne .

*Ormi si dhagayuun akki jettu bishaan bahar, odoo dibeeta taye, wanni mukka taye qalama taye .

*Jecha Rabbii khiyyaa, firdii isaa,waan inni uume kan ajaa'ibaa katabee .

*Silaa baharri ni dhuma

*Kan jechi Rabbii khiyyaa hin dhumne

109} *Odo bahara akka isaa , idanee, katabelle'ee ,dubbiin Rabbii hin dhumtu .waan jechi Rabbii hoongan qabneef jecha.

*Orma kuffaaraa kan si khijibsiisun akki jettu an namuma akka keessaniiti .

*Haa tayuu Rabbiin barmoota isinii hin kennin naa khennee,isinitti geessu'utti na ajajee.

*Wannin isiniin je'u:Rabbiin keessan rabbii

tokkicha lammaysaa hin qabne. Zaatafii,sifaafii dalagaa keessatti . Rabbiin zaatan tokko tayuun:namni zaata akka zaata isaa qabu hin jiru jechu. sifaan tokko tayuun namni sifa akka sifa isaa qabu hin jiru jechu'. dalaga'aan tokko tayuun namni dalagaa akka dalagaa Rabbii qabu, kan waa argamsiisee waa dhabamsiisu hin jiru jechu'u .

*Duuba namni Rabbii isa uume,arguu fedhu . kan sawaaba isaa khajeelee qixaaxa isaa sodaatu .

*Dalagaa gaarii haa dalaguu, sharxii dalaga'aatifii arkaana,yookaa heera dalaga'aa eeggatee .

إِنَّ الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

كَانَتْ لَهُمْ جَنَّاتُ الْفِرْدَوْسِ نُزُلًا ﴿١٠٧﴾

خَالِدِينَ فِيهَا

لَا يَبْغُونَ عَنْهَا حِوَلًا ﴿١٠٨﴾

قُلْ لَوْ كَانَ الْبَحْرُ مَدَادًا

لِكَلِمَاتِ رَبِّي

لَنفِدَنَّ الْبَحْرَ

قَبْلَ أَنْ نَنْفِدَ كَلِمَاتُ رَبِّي

وَلَوْ جِئْنَا بِمِثْلِهِ مَدَدًا ﴿١٠٩﴾

قُلْ إِنَّمَا أَنَا بَشَرٌ مِثْلُكُمْ

يُوحَىٰ إِلَيَّ

أَنَّمَا إِلَهُكُمُ إِلَهُ وَاحِدٌ

فَمَنْ كَانَ يَرْجُوا لِقَاءَ رَبِّهِ

فَلْيَعْمَلْ عَمَلًا صَالِحًا

110}*Ibaadaa Rabbii isaa keessatti waa ta-

وَلَا تُشْرِكْ بِعِبَادَةِ رَبِّهِ أَحَدًا ﴿١١٠﴾

kka hin ida'in dalagaa nama garsiiftu'uuf hin dalagin namni fuula namaa duratti salaata tolchee salaatu namni haa na argu'uuf jecha,namni kun ibaadaa Rabbitti nama ida'e je'amaa, dalagaan isaa irraan qeebalamtu